

Raaga roobaa ji'a Onkoloolessaa

Bokkaan tibbana kutaalee addaddaa biyyattiitti roobaa jiru faayidaa olaanaa qaba

fuula 2

Waliigaltee seenaqabeessa haqa qabeessummaa Laga Abbayyaa dhugoomse



Waaqshuum Fiqaaduutiin

Mammaaksi baroota “Abbayya bakka bulu hinbeekne jirma guuree yaa’a” jedhu har’a seenaa ta’us wanti ciisicha isa dhorku mudataa jiraachuun ifa galaadha.

Keessattuu, hidhaa Itoophiyaan lagicharratti hojjette biyyoota baroota dheeraaf dhuunfaan fayyadamaa turaniif dhukkubbii mataa hamaa ta’uun halkaaniifi guyyaa shira xaxuurratti ko’oommatanii argamu. Ta’us sanadni wixinee

Gara fuula 12tti

Itoophiyaatti seenessi qeenxeen maaf rakkoo ta’e?

Taammiruu Raggasaatiin

Finfinnee: Sabaafi Sablammootni Itoophiyaa hundi aadaafi seenaa mataasaanii kan isa biraarraa adda isaan godhu qabu. Ta’us sabaafi Sablammootni kunneen akka lammii Itoophiyaatti seenaa waloo kan hundasaanii walfakeessu hedduu qabu.

Gama dinagdeetiin yoo fudhanne irra caalaan saboota biyyattii seenaa qonnaa kan qaban yommuu ta’u, gama hawaasummaatiinis akka fakkeenyaatti seenaa fuudhaafi heerumaa

Gara fuula 12tti

Ulaa galaanaa argachuuf carraafi carraaqqii Itoophiyaa eeggatu

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Addunyaa har’a keessa jirrutti dhimmi ulaa galaanaa dhimma dinagdee qofa osoo hintaane dhimma siyaasaa ijoo ta’eera. Ulaan galaanaa birmadummaa dinagdee qofa osoo hintaane olaantummaa siyaasaa biyya tokkoof dhimma murteessaadha.

Biyyootni baay’een humna galaanaa jabaa ijaarrachuun wayita meeshaalee waraanaa jajjaboo asiifi achi oofaa jiran kanatti biyya naannawa galaana Diimaa taate Itoophiyaaf

Gara fuula 14tti



“Sochiin paartiilee siyaasaa hafaniifi murnoota hidhatanii socho’an gara adeemsa marichaatti fiduuf taasifamu cimsee ittifufa”

- Komishinii Marii Biyyaalessaa



Natsaannat Taaddasaatiin

Finfinnee: Komishiniin Marii Biyyaalessaa hundaa’ee erga hojii jalqabee waggoota lamaa ol ta’eera. Komishinichi waggoota lamaan darban keessa hojiilee gurguddoo raawwateera. Komishinichi akkuma

hundaa’een humna namaa guuttachuun ummanni marii biyyaalessaarratti hubannoo gahaa akka qabaatu taasiasa tureera.

Komishinichi yeroo ammaa hirmaattota marii ajandaa walitti qabuurratti hirmaatan adda baasuun sadarkaa bulchiinsota magaalaafi naannoleetti marii adeemsisaa

jira. Hojiin komishinichaa ittaanu ajandaa marii bocee gara mariitti seenuudha jedhu dubbii himaan komishinichaa Obbo Xibabuu Taaddasaa.

Obbo Xibabuun Roobii darbe Gaazexaa Bariisaatti akka himanitti, komishinichi

Gara fuula 14tti

ODUU

Bokkaan tibbana kutaalee addaddaa biyyattiitti roobaa jiru faayidaa olaanaa qaba


Saamraawiit Girmaatiin

Finfinnee: Roobni guyyoota darbanitti roobe guddina biqiltootaaf gumaachuurra darbee hojiilee qonna jallisiitiin hojjetamaniifi eegumsa naannawaatiif faayidaa olaanaa akka qabu Inistiitiyuutiin Meetiworolajii Itoophiyaa ibse.

Daarektarri Ittaanaan Damee Raaga Meetiworolajii Ofeeggannoo Dursaa Doktor Asaaminawu Tashoomaa gaafdeebii dheengadda Gaazexaa Bariisaa waliin taasisaniin, bokkaan tibbana roobaa jiru bakkawwan baay'etti faayidaqabeessa ta'us, kutaalee biyyattii roobni hineegamne itti roobeetti ammoo omishawwan sassaabbiif qaqqaban irratti dhiibbaa akka qabu gabaasomni akka mul'isan dubbatu.

Akka waliigalaatti garuu roobni tibba kanaa faayidaa olaanaa kan qabuuf guyyoota ittaananittis kutaalee biyyattii bonni yeroo roobasaanii lammaffaa ta'etti ittifufiinsa waan qabuuf qonnaan bultoota, horsiisee bultootaafi gariin horsiisee bultootaaf faayidaa olaanaa akka qabu ibsu.

Hojii jallsii, dhiheessii bishaaniifi nyaata beeladaa fooyyessuun faayidaa olaanaa waan qabuuf ittifayyadamuun akka barbaachisu eeranii, bakkeewwan roobni waqtiisaa hineeganne itti roobettis omishawwan ala jiran dafanii sassaabuu waan barbaachisuuf xiyyeeffannaadhaan hojjetamuu akka qabu



Raaga roobaa ji'a Onkololeessaa

hubachiisaniiru.

“Biyyattiin akka meetiworolajii waqtiilee ijoo Ganna, Bonaafi Arfaasaa kan qabdu yoo ta'u, tokko tokkoonsaaniis ji'oota afur afur qabu. waqtiin amma keessa jirrus bona yoo ta'u, kunis ji'a Onkololeessaatii hanga Amajjiitti kan qabatudha. Waqtii kanatti kutaaleen walakeessa biyyattii jechuunis Kutaa Kibbaa Naannoo Somaalee, godinaalee Gujii, Booranaa, Baalee Bahaa, naannolee Sidaamaa,

Kibbaa, Itoophiyaa Kibba Lixaatiif akka waqtii roobaa lammaffaasaaniitti fudhatama. Hammi roobaa waggasaaniis %45 kan mul'atu waqtii bona kanatti” jedhu.

Inistiitiyuutichis kanuma bu'uura godhachuun waqtiwwan kunneen jalqabuusaaniitiin ji'a tokko dursee raaga hamma roobaa akka ifoomsu kan himan Doktor Asaaminawu wayita raagni qophaa'us haalawwan qilleensaa addaddaa bu'uura godhachuun ta'uufi kunis

sababa haalli roobaa biyyattii kan hundaa'u bishaaniifi haala qilleensaa isaniin walqabatee uumamuun ta'uu kaasu.

Raagni hamma roobaa waqtii bona bara 2017 yommuu qopheffamus ho'i Galaana Paasifikii Bahaafi Giddugaleessaa hamma idileetiin gadi dilallaa'uunsaa waan dursamee raagamee tureef keessumaa kutaaleen biyyattii rooba gannaatiin fayyadaman akka rooba argatan beekamuu himanii, kutaaleen biyyattii muraasa kanneen akka godinaalee muraasa naannoo Kibba Somaalee rooba idileen gadii akka argatan raagni kennamee turuu dubbatu.

Guyyoota darbanis kutaalee addaddaa biyyattiitti hammi rooba cimaafi salphaa galmaa'uu eeranii, keessumaa Mooyyaleetti sa'aatii 24:00 keessatti roobni cimaa miilimeetira 46 ta'u galmaa'uu ibsu. Akkasumas, Bulee Horaa, Yaa'abal'oofi kutaalee Oromoyaa kibbaa ganni waqtii roobaa lammaffaasaani ta'e birootti hamma roobaa gaarii akka qaban himu.

Akkasumas godinaaleen Oromiyaa Lixaafi Giddugaleessaa kanneen akka Jimmaa, Iluu Abbaabooraa, Wallaggaa afranittis hamma roobaa gaariin turuu kan himan Daarektarri Ittaanaan kun, gama biraatiin kutaaleen biyyattii waqtii bona roobni itti hincalaqqisne kanneen akka godinaalee Tigraay Kibbaa, Naannoo Amaaraa, Affaar Kibbaafi Shawaa Bahaa, waliigala kutaalee biyyattii gara bahaarratti roobni yeroosaa hineeganne mul'achuu dubbatu.

Oromiyaatti bara omishaa 2016/17 hojiileen omishaafi omishtummaa qonnaa guddisan hedduun raawwatamaniiru

Natsaannat Taaddasaatiin

Finfinnee: Oromiyaatti bara omishaa 2016/17 hojiileen omishaafi omishtummaa qonnaa guddisan hedduun raawwatamaniiru. Bara omishichaatti lafa heektaara miliyoona 11.2 omishaalee gara garaatiin uwwisuun omishni kuntaala miliyoona 337 kan eegamu ta'uu Biiron Qonna Oromiyaa ibseera.

Hogganaan biirichaa Obbo Geetuu Gammachuu ibsa Kibxata darbe miidiyaaf kennaniin, bara omishaa 2016/17 dameelee qonna hunda keessatti hojiileen omishaafi omishtummaa qonnaa guddisan hedduun karaa walfakkaataa ta'een raawwatamaniiru. Bara omishichaatti lafa heektaara miliyoona 10.8 omishaalee gara garaatiin uwwisuuf karoofachuun lafa heektaara miliyoona 11.2 omisha akaakuu gara garaatiin uwwisuun danda'ameera.

Lafa waliigalaa omishaalee gara garaatiin uwwifame keessaa lafa heektaara miliyoona saddeetiifi kuma 651 (%78) kilaastaraan qotuu danda'ameera. Lafa waliigalaa midhaanota akaakuuwwan gara garaan uwwifame keessaa lafa heektaara miliyoona 4.8 (%43) ammoo tiraaktaraan qotameera. Kun qonni naannichaa gara teknolajii qonnaa fayyadamuutti ce'aa jiraachuu agarsiisa. Lafa waliigalaa bara omishaa 2016/17 midhaanota gara garaan uwwifamerra omisha kuntaala miliyoona kuma 337 sassaabuuf



Obo Geetuu Gammachuu

karoorfamuus eeraniiru.

Biiron Qonna Oromiyaa bara omishichaatti wabii midhaan nyaataa mirkaneessuu, omishaalee alaa galan kan biyya keessaatiin bakka buusuu, omishaalee alergii guddisuufi dameen qonnaa carraa hojii bal'aa akka uumu taasisuurratti xiyyeeffatee hojjechaa turuu himanii, inisheetiivonni qonnaa carraa hojii bal'aa uumuu danda'an gara garaas bocamani hojiirra oolaniiru. Hojiilee gama

Gara fuula 14tti

Walaayittaa aanaalee afur keessatti weerarri dhibee busaa hammaate

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Naannoo Itoophiyaa Kibbaa, Godina Walaayittaa aanaalee afur keessatti weerarri dhibee busaa daran hammaachuu Qajeelchi Fayyaa Godinichaa beeksise.

Ittigaafatamaan Qajeelchichaa Obbo Tsaggaayee Ekkaa Roobii darbe Gaazexaa Bariisaaf akka ibsanitti, dhibeen busaa waggaatti waqtii lama jechuunis Fulbaana hanga Muddetti Eblaa hanga Waxabajjii mudata ture. Bara 2016/2017 garuu, ganna guutuu dabalatee bal'inaan namootarratti mul'achaa jira.

Aanaalee godinichi qabu 16 keessaa aanaalee afur keessatti dhukkubichi bal'inaan haa mul'atu malee, hojii hordoffii hanga manaa manatti deemuun hojjetameen lubbuun nama tokkoollee dhukkubichaan akka hinbadne gochuun danda'ameera.

Haalli qilleensaa yeroo dhiyoo kaasee godinicha keessa jiru walhormaata bookee busaaf haala kan mijeeseef ta'uu himanii, aanaalee afran keessaa aanaa tokkotti qofa guyyaa tokkotti giddugaleessaan hanga namoota 400 dhukkubichaan qabama jedhaniiru.

Qajeelchichi Agoobara miliyoona tokkoo ol raabsus aadaan saaphana siree fayyadamuu hawaasa godinichaa hanga ammaatti gadi aanaa ta'uu himanii, haala qilleensaatti aane agoobara qixa sirriin ittifayyadamuu dhiisuun babal'ina dhukkubichaatiif sababa ijoodha jedhaniiru.



Obbo Tsaggaaye Ekkaa

Hanqinni keemikaalaa waajjiricha kan mudate ta'us himanii, gandoota lama gooxii murtaa'e keessatti qofa hojii biiffaa keemikaalaa raawwachuun kan danda'ame ta'uu Obbo Tsaggaayeen ibsaniiru. Aanaalee tokko tokko keessatti iddoo wal hormaata bookee busaa adda baasuun to'achuu keessatti hanqinni jirus babal'ina dhukkubichaatiif gahee mataasaa taphachaa jira jedhaniiru.

Miidhaa dhukkubichaa hir'isuuf deeggarsi Ministeera Fayyaafi Biiroo Fayyaa naannichaatiin taasisamuu haala gaariiratti kan argamu ta'uu himanii, qaamota kunneeniin qorichi gahaan godinichaaf dhiyaateera jedhaniiru.

Weeraricha guutummaatti to'achuun akka danda'amuuf hawaasni godinichaa agoobara fudhatee fannisuu osoo hintaane akkaataa ogeessotni fayyaa gorsaniin fayyadamuu akka qabu Obbo Tsaggaayeen dhaamaniiru.

Birmadummaa aarsaan argame dafqaan ittifufsiisuun dirqama hundaati

Taammiruu Raggaasaatiin

Adaamaa: Itoophiyaan birmadummaa aarsaa lubbuu, dhiigaafi lafeetiin argatte wabii midhaan nyaataatiin of danda'uudhaan itti fufsiisu akka qabdu Hoggantootnifi Hayyootni sektaroota garagaraa beeksisan.

Tajaajilli Oduu Itoophiyaa marii qooda fudhattoota garaagaraa hirmaachise mataduree, "Birmadummaa Omishtummaadhaan" jedhuun kaleessa Magaalaa Adaamaatti adeemsiseera. Hoggantoonni ajandaa marii dhiyeessan akka jedhanitti, Itoophiyaan biyya osoo waa hunda qabdu becloftedha. Garaan hin nyaatne garbummaa dabalatee waa hundaaf saaxilamaadha. Kanaafuu, wabii midhaan nyaataatiin of danda'uuf potenshaala jiru hunda qabdu adda baasuun fayyadamuun dirqama.

Komishinari komishiinii Hoggansa Sodaa Bala Federaalaa Ambaasaaddar Doktor Shifarraa Taklamaariyaam maricharratti akka jedhanitti biyyootni dureeyyiin fedhasaanii qaban biyyoota hiyyeeyiiratti raawwachuuf malee Waaqaarraa arganna jedhanii deeggarsa hinkennan.

Hirkattummaan du'a kan jedhan komishinari kun, lafa qotamee hindhumneefi ummata xinsammusaatiin kadhaa jibbu osoo qabnuu gargaaramtummaadhaaf harka keenya



diriirsuu hinqabnu jedhaniiru.

Daarektarii Olaanaan Tajaajila Diyaasporaa Itoophiyaa Ambaasaaddar Fitsum Araggaa gamasaaniitiin akka jedhanitti, yoo kutannoodhaan hojjetan wanti hin milkoofne hin jiru. Biyyootni Awurooppaa waraana lammaffaatiin miidhaman akkaataa isaan yeroo xiqqoo keessatti hojjetanii miidhama keessaa itti ba'an agarsiistuu guddaadha.

Ministirri De'eetaan Ministeera Qonnaa Doktor Fiqruu Raggaasaa gamasaaniitiin akka jedhanitti, sagantaa Wabii midhaan nyaataa mirkaneessuuf, Itoophiyaan sagantaalee kudhan waggaa kudhan keessatti milkeessuuf hojjechaa

jirti. Sagantaa badhaadhina maatiitiinis hojiin bu'a qabeessi hojii dhabaa hedduuf carraan hojii bal'aan ittiin uumamaa jirudha.

Hojiilee jalqabamaniinis bu'aan argamaa jiraachusaa hojii Inisheetivii Misooma qamadiitiin hojjetamaa jiru akka fakkeenyaatti kaasaniiru.

Ministirra De'eetaan duraanii Tajaajila Kominikeeshinii Mootummaa Aadde Salaamaawit Kaasaa gamasaaniitiin akka jedhanitti, sagantaa wabii midhaan nyaataa Itoophiyaan qabaatte milkeessuuf miidiyaan gahee olaanaa waan qabuuf ittigaafatamummaasaa bahachuu qaba.

"Galmeewwaan 80 ol mana murtii idileetti dadhabaman mana murtii aadaatiin furreerra"

- Mana Murtii Aadaa Matahaaraa Dirree Gobbuu

Waasihun Takileetiin

Finfinnee: Warri Fantaallee warra Gadaan bulu gadadoofi jibbaaf bakka hinqabne, waldhabdee akka tasaa isaan mudatu furachuuf mana murtii idilee caalaa Jaarsa biyyaaf warra dursa kennuudha.

Manni murtii aadaa cancala hawaasummaatiin hidhamee as ga'uu kan dubbatan Walittiqabaan Mana Murtii Aadaa Magaalaa Matahaaraa; Dirree Gobbuu Abbaa Gadaa Godaanaa Guljeeti.

Waggoottan lamaa as garuu Mootummaan Naannoo Oromiyaa ijaarama mana murtii aadaaf xiyyeeffannoo laatee hojiitti seenuusaanii filatamummaansaa daran dabalaa jiraachuu kaasu.

Akka magaalaa Matahaaraatti bara 2016 qofa galmeewwan 80 ol mana murtii aadaan karaa si'aayinaafi qulqullina qabuun furamu akka danda'ellee dubbataniiru.

Haqa argachuuf hojii ofiirraa adda citanii mana murtii deddeebi'uun hawaasummaaniifi dinagdeen jiruufi jirenya lammiilee miidhaa tureera kan jedhan Abbaan Gadaa kun; deddeebiin kun akka hafuuf manni murtii aadaa shoora olaanaa tapahataa jiraachuu ibsaniiru.

Murteen qaamota walhimatan gidduutti mana murtii aadaan murteeffamus tokko gammachiisee tokko kan dallansiisu miti kan jedhan Abbaan Gadaa kun; beenyaa kan kaffalamuu qabu yoo ta'es kaffalchiisuun araarsuun wayita gaggeeffaman gammachuun fuulasaaniirraa ifu adda ta'uu dubbatu.

Bu'uuruma kanaan hawaasni dubbiiirraa gara jirusaatti akka deebi'uuf tajaajilli mana murtii aadaa kun shoora olaanaa tapahataa jiraachuu yoo kaasan yeroo ammaatti filatamummaansaa

dachaan dabalaa jiraachuu yaadachiisaniiru.

Tajaajilli Mana Murtii aadaa Oromoo qofaaf kan dhaabate godhanii kan ilaalan jiraachuu kaasani; garuu sirni haqaa kun sabaafi sablammoota hundaaf kan tajaajilu ta'uu himaniiru.

Gadaan keenya daba hinjaallatu, nus murtee dabaa hinmurteessinu, murteen akka hinjallanneef inni himatus inni himatamus duudhaa jiruun kakatee inni murtee kennus Waaqa uumaaf jedhee haqa osoo hindabsiin dhugaaf dursa kennuun nagaan akka bu'u hojjeta.

Himataanis himatamaanis sobaan akka maqaa wal hinballeessineef meeshalee akka rasaasaa, lafee, daaraa, sanyiiif dhagaa kakaaf dhiyaatu.

Meeshaaleen kunneen kan faayidaarra oolan akka namni hinsobneefidha jedhanii; yoon sobe dhaabbiitti lafee na haagodhu, sanyii malee na haa hanbisu, na haa daarsu, dhagaa na haagodhu jechuu waan ta'eef sobuurra dhugaa dubbatanii nagaan ba'uuf dirqamu jedhaniiru.

Namoonni maallaqa wal haalan, imaanaa wal dagachiisan, miidhaa garagaraa walirra geessisaniifi dhimmoota kanaan walfakkaataaniin waggaa afuriifi isaa oliif mana murtii wal deddeebisan mana murtii aadaan furatanii harka walfuudhanii hojiisaaniitti deebi'uu kaasaniiru.

Warri murtee laatanis haqa namaa yoo dabsan waaqni akka isaan gaafatuuf eebbaan dhugaa nu dubbisi, kijibaaf loogdoorraa nu baraari jedhanii wal eebbisuun araara buusu jedhanii; haqni dabe yoo jiraate taajjabii Haadha Siinqeen irra deebiin akka ilaalamu taasifama jedhaniiru.

Aadde Askaalaa Qana'aa Magaalaa Matahaaraa Dirree Gobbuutti Haadha Siinqee yoo ta'an, tajaajilli mana murtii aadaa kun Sirna Gadaaf ilaaf ilaameen waldhabdeen akka furamu

taasisaa jiraachuu dubbataniiru.

Tarii haqni namaa yoo dabe dhiibbaan koomiyaa yoo qaqqabe taajjabuurra darbee irra deebiin akka ilaalamu kan taasisan ta'uu eeranii; dhugaa dubbachuuf Gadaan naggaa labsa warra mana murtii wal deddeebisuuf ammoo manni murtii aadaa bifa ammayyaan hundeessaa of ta'ani akka jiraatan nama taasisa jedhaniiru.

Magaalaa Matahaaraa keessa sabaafi sablammoota 10nii olta jiru. Isaanis akkuma Oromoo mana murtii aadaatti dhimmasaanii furachaa jiraachuu kaasani; sirni kun Oromoofis saboota biroofis fala guddaa ta'aa jiraachuu yaadachiisaniiru.

Oromoon duudhaasaa ganamaatti akka deebi'uuf tattaaffii mootummaan jijjiiramaa fudhachaa jiru kan dinqisiifatamudha kan jedhan ammoo Kantiibaa Magaalaa Matahaaraa Obbo Addisuu Waaqooti.

Akka ibsasaaniitti manni murtii aadaa ba'aa mana murtii idileerra buusuu caalaa hawaasni dubbisaa gabaabaatti xumuree hojiisaatti akka deebi'uu taasisaa jira.

Gandoota magaalatti keessatti bakki tajaajilli mana murtii aadaa kun itti gaggeeffamu karaa duudhaasaa eeggateen ijaaramee galteewwan barbaachisoon guutameefi hojiisaanii qulqullinaan akka hojjetan taasifamaa jiraachuu himaniiru.

Murteen darbus seera qabeessa akka ta'uuf barreessaa miindessanii ragaan galmeeff murteen darbe akkasumas nagaaf araari bu'uusaaf barreeffamaan akka taa'uu taasifamaa jira.

Duudhaan kun fuldurattis cimee hawaasni dubbiiirraa gara misoomaatti akka deebi'uu waliin dhaabatanii akka hojjetan Kantiibichi yaadachiisaniiru.

Dhaloota garaasaarra biyyasaa jaalatu uumuuf hojjechuun barbaachisaadha

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Dhaloota garaasaarra biyya jaalatu uumuuf hojjechuun barbaachisaa ta'uu hoggantoonni olaanaan Naannoo Oromiyaa ibsan.

Hoggantoonni kunneen kabaja guyyaa Alaabaa 17ffaa ilaalchisuun turtii Gaazexaa Bariisaa waliin taasisaniin akka jedhanitti, biyya kan guddisu, birmadummaa biyyaa kan ittifufsiisu, dimokraasiin akka dagaagu kan taasisu dhaloota waan ta'eef dhaloota biyyasaa dhugaadhaan jaalatu uumuun barbaachisaadha.

Pirezidaantiin Mana Murtii Waliigala Oromiyaa Obbo Gazzaalii Abbaa Simal akka jedhanitti jaalalli biyyaa Guyyaa Alaabaa kabajuu qofa osoo hintaane biyyaaf waan gaarii gumaachuunis kan mul'atuudha.

Namni biyyasaa jaalatu alaabaa biyyasaa nijaalata; milkaa'inni biyyaa tumsa lammiileetiin waan milkaa'uuf namni hunduu iddoo jirutti mirgaafi dirqama kennameef bu'uura godhachuun yoo biyyasaatiif waan danda'u gumaache biyyi ni ijaarama jedhaniiru.

Namni biyya jaalatu biyya hinsaamu, hingurguru. Fedha biyyaarra fedhasaatiif dursa hinkennu jedhanii, Itoophiyaa keessatti imala misoomaafi dimokraasii qabame galmaan gahuuf dhaloota maalummaa biyyaa hubatee biyyasaa tumsu uumuun barbaachisaadha jedhaniiru.

Manni murtichaa hawaasa mana murtiifi ummata bal'aaf hubannoo kennuun, tajaajiloonni kennaman teknolojiidhaan akka deeggaraman taasisuunifi olaantummaan seeraa akka kabajamu taasisuun tajaajila qulqulluu kennuuf hojjechaa kan jiru ta'uus Obbo Gazzaaliin ibsaniiru.

Gorsaan Dhimmoota Seeraa Caffee Oromiyaa Obbo Dhaabaa Dirribaa gamasaaniitiin akka jedhanitti, birmadummaan biyyaa waraanaan qofa waan hinmirkanoofta biyya walaba ijaaruuftu dinagdeen keenya dinagdee dhiibbaa dandamatu ta'uu qaba.

Akkuma loltuun jaalala biyyaatiif jecha daangaa biyyaa kabachiisuufi nageenya waareessuu lubbuusaa aarsaa kaffalu tokko tokkoon lammiilee Itoophiyaa birmadummaa abbootiin keenya aarsaa dhiigaafi lafeesaaniitiin asiin gahan ittifufsiisuuf gatii biyyaaf kaffalame beekani hojjechuu qabu.

Hojjetoonni mootummaa mindaadhaaf jecha osoo hintaane miira tajaajiltummaa biyyaafi quuqama of keessaa qabuun, hojmaataafi dambii mana hojiisaanii qofa bu'uura godhatanii lammiilee haqummaan tajaajiluun jaalala biyyaa mul'isu qabu jedhan.

Karoorri nageenyaa, misoomaa, bulchiinsi gaariin, dimokraasiin, fayyadamummaan lammiileefi walqixxummaan tumsa hawaasaa malee waan hinmilkoofneef fiixa ba'iinsa karoorawwan kunneeniitiif tumsa barbaachisu taasisuudhaan hawaasni biyyattiis jaalala biyyasaaf qabu agarsiisuu danda'a jedhaniiru.

Guyyaan alaabaa baranaa mataduree, "Alaabaan keenya tokkummaa biyyaaleessa keenyaaf, birmadummaafi olka'iinsa Itoophiyaaf!" jedhuun guutummaa biyyattiifi embaasiwwan Itoophiyaa biyyoota adda addaatti argamanitti qophiilee adda addaatiin Wixata darbe kabajamuun ni yaadatama.

Mijuu

BARIISAA SANBATAA Onkoloolessa 9 Bara 2017

**“Itoophiyaan Afrikaa
Bahaa keessaa
bakka investimantii
mijataa ta’aa jirti”**

fuula **10**



**‘ICC’n hoggantoota Afrikaa
adamsuuf malee haqa Afrikaa kan
kabachisiisu waan hintaaneef,
ardittiin mana murtii mataashii
qabaachuun dirqama”**

- *Obbo Teewdiroos Geetaachoo*

fuula **6**



Obbo Geetuu Gammachuu

**Hojiilee guguddoo
omishaafi omishtummaa
qonnaa guddisuuf
bara omishaa 201617
Oromiyaatti raawwataman**

fuula **9**

Ijoo Dubbii

Mariidhaan nageenya waareessuu

Ummanni Oromoos ta'e sabni kamuu naga barbaada. Naga isaa mirkaneeffachuuf injifannoo argates tikfachuuf bu'aa ba'ii hedduu bu'ee ba'ee aarsaa hedduus kaffalaa jira. Mootummaan Naannoo Oromiyas Qe'ee Oromooti qilleensi naga akka bubbiisuuf mareefi marabbaan duudhaa ganamaatiin masakamee waamicha naga obsaan guutame irra deddeebiin taasisaa jira.

Manii guddichi naga waareessuuf misooma ittifufiinsa qabu mirkaneessuun injifannoo aarsaa qaaliin argame sadarkaa boodatti deebi'uu hindandeenyerraan ga'uudha. Kanaafis harka naga diriirsee balbala nagaas bance humnoota hidhannoon bosona galanii waamicha naga simachuun deebi'aa jiran simatee gara qe'eefi qabeenyasaaniitti akka deebi'an taasisaa jira. Kun akka Oromooti walhubannoo kan gabbisu, guddummaa keenyas kan cimsu waan ta'eef of eeggannoon irratti hojjetama.

Gaaddisa mariitti mareefi marabbaan rakkoon hinhiikamne, dhibdeen hinfuramne hinjiru. Kanaaf sibiila kaasanii Oromoo Oromiyaa dhiigsuun dogoggora seenaa waan ta'eef balbala naga banametti fayyadamuun murteessaadha. Mootummaan qaamolii harka naga diriire waraanan balbala nagaaf baname irra tarkaanfachuun Oromoo dhiigsanirratti hojii olaantummaa seeraa kabachiisuu cimsee ittifufa. Garuu akka gaaddisni marii hunda injifachiisuun naga waareessu sirnaan hubatamuu qaba.

Mootummaan Naannoo Oromiyaa yeroo adda addaatti garaagarummaa jiru dhiphisuun, rakkoo nageenyaa naannicha mudate karaa nagaan hiikuun nageenyafi misooma ummata Oromoo guutumatti deebisuuf qaamolee hidhatanii socho'aniif waamicha walirraa hincinne taasisuufi yaaliwwan marii gochaa tureera.

Kanaanis, yeroo garagaraatti hidhattoonni murnoota adda addaa kumaatamaan lakkaawaman galuun gadadoo ummatasaaniirra gahaa ture hir'isuu keessatti qooda bahataa jiru. Mootummaan hidhattoota waamicha naga fudhachuun araaraan galaa turaniifi galaa jiran, akkasumas qaamolee qooda fudhattoota milkaa'ina hanga ammaa argameef gumaachan maraaf dinqisiifannaafi kabaja olaanaa kan qabu ta'uu irradeebiin ibsaa tureera.

Mootummaan Naannoo Oromiyaa kutannoofi waadaa rakkoo nageenyaa mankaraarsaa jiru karaa naga hiikuuf qabu har'as kan hinlaaffisneefi karra araaraaf bane kan hincufne ta'uu hubachiiseera.

Mootummaan hidhattoota karaa nagaafi araaraa filachuun galaa jiraniifi galuu yaadaniif haalota jiruufi jireenyasaanii deebisanii dhaabachuufi hawaasatti madaquuf isaan barbaachisan hunda miyeessuu cimsee ittifufa. Akkasumas, kanneen garaagarummaa yaadasaanii karaa naga tarkaanfachiisuu barbaadaniif dirree siyaasaa falmii yaadaaf mijatu kan qopheessu qofa osoo hintaane, tiksuuf akka hojjetu irra deddeebiin ibseera.

Mootummaan waamicha nagaafi araaraa obsa olaanadhaan, irra deddeebiin gochaa tureera; ammas ittijira. Dheebuum ummataa misoomaafi nageenya qe'eesaaf, araaraafi tokkummaa maatiisaafi. Boqonnaan walitti bu'iinsaa cufamee, garaagarummaa jiru mariifi marabbaan hiikamee nagaan bahee galuun hawwii guutuu hawaasaati.

Mariin Itoophiyaan ittijirtus bu'aa barbaadamu akka fiduuf hunduu gaheesaa bahachuu qaba. Kanaafis keessumaa gaheen abbootii Gadaafi haadhoolii Siinqee akkasumas artistootaafi namoota dhiibbaa uumanii murteessaa waan ta'eef, milkaa'ina marichaatiif shoorasaanii bahachuu qabu.

Yoo maricharratti waliin hojjetameefi mari'atame Itoophiyaatti naga waraa buusuun nidanda'ama. Artistoonniifi namoonni dhiibbaa uuman maricha milkeessuuf gaheesaanii sirnaan bahachuun irraa eegama.

Mariin biyyaalessaa naannolee adda addaatti adeemsifamaa jiru akka milkaa'uuf lammiin biyyattii hundi, akkasumas paartiileen siyaasaafi murnoonni seeraan ala hidhatanii socho'an marti waamicha qaamii maricha hogganu taasisuuf fudhachuun gumaachasaanii bahachuu qabu; kunis tattaaffii nageenya waraa dheebotame mirkaneessuuf taasisamuu keessatti bu'aa guddaa waan qaba.

Nageenya waareessuuf keessumaa mootummaan harkasaa nagaaf diriirsuun akkuma jirutti ta'ee caasaawwansaa hanga dakaatti jiran; gurmaa'inoota adda addaa; duudhaalee hawaasummaa; jaarriyaalee mandhaalee gumeessuudhaan, kanneen jiranis cimsuudhaan xiyyeeffannaafi bal'inaan hojjechuu qaba.

Lammiileen nageenya waareessuuf akkuma barama mootummaa wajjin ta'uun tokkummaafi wajjumaan dhaabachuun qe'eesaaniirraa eegalanii waardiyyaa ofii ta'uu qabu.

Yaada/Ajandaa



Qophii duree baallii walharkaa fuudhuu Gadaa Booranaa

Akkuma aadaan ofii adda ofiiti jedhamu aadaan maalummaafi eenyummaa saba tokkoo ibsuu keessatti shoora olaanaa qaba.

Jiruufi jireenya ummata Oromoo keessatti walittidhufeenya uumaafi uumamaa wajjin walqabatee walitti hidhamiinsi aadaan achii dhuftee waliin qabu daran olaanaadha.

Oolii bultii ummatichaa keessatti sirni Gadaa wiirtuu guddaadha. Sirni Gadaa bu'uura ittiin bulmaata uumaafi uumamaa wajjin jiru cimsuu bira darbee akeektuu waliin jireenya dhala namaa cimsuufi qajeelchuun kan gabbisuudha.

Sirni Gadaa ummata Oromoo ijaaruufi utubuu bira darbee ka'umsa sirna bulchiinsa ammayyaa ta'ee hariiroo waloomaa jajjabeessuun nageenya, dimokraasiifi bulchiinsa haqaa mirkaneessuun dhala namaatiif bu'uura cimaa ta'uun har'a gaheera.

Sirni Gadaa qajeeltoo waan hundaa ta'ee kun sirnoota gara garaa keessatti dhiibbaawwan adda addaatiif saaxilamaa turus osoo sirna caaseffamaasaa gadi hinlakkisiin irraafi keessaan dagaaguun marsaa marsaadhaan abbootii Gadaa walharkaa fuudhiisaan sirnicha cimsanii qabachuun dhalootaaf darbaa dabareen as qaqqabeera.

Bu'uuruma kanaan Gadaa Booranaa 71ffaan sagantaa qophii baallii kennuufi jiloota garagaraatiif yaamicha taasisuun yeroo ammaa sagantaa qophii baallii kennuu geggeeffamaa jiruun hanga ammaatti jiloota aadaa gurgura naqaa geggeessuun xumuranii jila Odaa Buuluutiif Godina Boorana Bahaa, Aanaa Arerootti Yaa'i Hawaxxuu Ardaa Jilaa Bulee Harsoogidootti, Yaa'i Koonnituu Ardaa Jilaa Dhaddacha Dambala buleetti, Yaa'i Harbooraafi Qaalluun Odituu Ardaalee Guutoofi Dureettiitti galma dhaabuun



Abbaa Gadaa Kuraa Jaarsoo

jilachaa jiru.

Jila odaa geggeessaa jiraniin boodatti jiloota galma maxxarrii, galma dhawaa dhaamsaafi baalliif ji'oota sadii hincaalle keessatti kan xumuramuuf hojjiwwan garagaraa raawwatamaa jiru.

Kanaafis qophii baalliif dooriifi caasaaleen sirna Gadaa ardaalee jilaa garagaraatti jilachaa kan jiraniifi gama yaa'a sadeen Booranaatiin baalliif ji'a Gurraandhalaa keessa dabarsaniif Onkoloolessa 2 bara 2017 irraa eegalanii jila odaa buluutiif qophii ijaarsa galmaa guyyoota 27f geggeeffamuu jalqabameera.

Jila guddaa qophii baallii walharkaa fuudhinsa Gadaa Booranaa 71ffaa Abbaa Gadaa Kuraa Jaarsoorraa gara Gadaa Booranaa 72ffaa Guyyoo Booruutti darbaa jiruuf qaamoleen hundi xiyyeeffannoo olaanaa kennuun Gadaafi Laduu Booranaa gama hundaan biraa dhaabachuun milkaa'ina sirna kanaatiif ummanni Oromoo biyya keessaafi alaa dabalatee hayyoonniifi dhaabbileen dhimmi ilaallatu keessatti hirmaachuun qooda irraa eeggamu bahachuun murteessaadha jechuun Kominikeeshiniin Godina Booranaa odeeffannoo Bariisaaf ergeen eereera.



Bariisaan

Guraandhala bara 1969 hundaa'e.

Torbanitti al tokko, guyyaa Jimaataa,

Dhaabbata Pireesii Itoophiyaatiin maxxanfamaa ture. Waxabajjii

1,2011 irraa eegalee Sanbata maxxanfamaa jira.

Hoji Gaggeessaa Olaanaa Dhaabbata Pireesii Itoophiyaa
Lakk. bilbilaa - 011-126-42-22
Email :- epa@press.et

Gulaalaan

Charinnat Hundeessaa

Lak.Bilbilaa 011-126-42-08

chhundessa@yahoo.com

email-cherenethundessa@press.et

Teessoon:Kutaa Magaalaa Nifas Silki Laaftoo

Qopheessitootni:

Saamraawit Girmaa

Natsaannat Taaddasaa

Bayyanaa Ibraahim

Waasihuun Takilee

Adeemsisaa Hojii

Bil. 011-126-42-22

Kutaa Beeksisaa:

Bil. 011-156-98-73

Raabsa Gaazexaa

Bil.011-157-02-70

Faaksii Kutaa Qophii

251-011-1-5698-62

L.S.P 30089

email-bariisaa@press.et



Ethiopian Press Agency

KEESSUMMAA BARIISAA

'ICC'n hoggantoota Afrikaa adamsuuf malee haqa Afrikaa kan kabachisiisu waan hintaaneef, ardittiin mana murtii mataashii qabaachuun dirqama'

- Obbo Teewdiroos Geetaachoo

Bayyanaa Ibraahimiin

Sochiin turizimii torbee lamaan darbanitti ayyaanota guguddoo akka Gubaa Masqalaafi Irreechaatiin eegalame, torbee turizimii Oromiyaatiin dabaalamee, yaa'ii Ministiroota Ittisaa Afrikaa simatee, walga'ii Dargaggoota Afrikaa damee wabii nyaataa mirkaneessuu isa jalqabaatiin hordofamee yaa'ii Waldaa Ogeeyyota seeraa Afrikaa waammatee waqtii turizimii addaan hincitne magaalaa Finfinneetiif uumeera; yaa'iiwwan ardiifi idiladdunyaa biroonis ittifufuun akkuma jirutti ta'ee.

Hariiroo kanfransiin turizimii kun Itoophiyaa waliin qabuufi Finfinneen immoo teessoo dhaabbilee Addunyaa hedduufi kan Gamtaa Afrikaa danuu ta'uunshii yaa'a turizimii addaan hincitne kanaaf sababa yemmuu ta'u, nutis qopheessitoota taateewwan turizimii konfransii kanneen keessaa kan torbanuma kana Galma Gamtaa Afrikaatti eegalamee marii bal'aa Hoteela Iskaayilaayititti goalabamee yaa'ii Waldaa Ogeeyyii Seeraa Afrikaarraa kaanee dhimmoota seeraan walqabataniifi seerota jajallatoo Afrikaa ittiin miidhuuf Addunyaarratti hojirra oolaa jiran gara garaarratti Pirezidaantii Ittaanaa Waldaa Ogeeyyota Seeraa Afrikaa keessummaa maxxansa kanaa taasifanneerra.

Bariisaa: Walhaabarruutii mee maqaa keessan guutuufi gahee hojii keessanii nuu ibsaa?

Obbo Teewdiroos: Bareedakaa. Teewdiroos Geetaachoo Tulluun jedhama. Ogummaankoo dhimma seeraa yemmuu ta'u, ammaan tana Waldaa Abukaatota Itoophiyaa Pirezidaantummaadhaan hogganaa jira. Dabalataan immoo Pirezidaantii Ittaanaa Waldaa Ogeeyyota Seeraa Afrikaa ta'ee tajaajiluurrattin argama.

Bariisaa: Mee yaa'ii Paan Afrikaa Waldaalee Seeraa yeroo ammaa Itoophiyaatti adeemsifamaa jiru dhimmoota akkamii irratti akka xiyyeeffatu osoo nuu ibsitanii?

Obbo Teewdiroos: Tole. Yaa'iin yeroo ammaa biyya keenyatti adeemsifamaa jiru kun, yaa'ii idilee 14ffaa Waldaalee Ogeeyyota Seeraa Paan Afrikaa yoo ta'u, miseensota waldichaa biyyoota Afrikaa 43 irraa baba'aniifi ogeeyyota seeraa sadarkaa Addunyaatti beekaman kanneen kaampaaniwwan guguddoo gara garaa Addunyaatiif Abukaatoo ta'anii hojjachaa jiran akkasumas hayyoota yunivarsiitiwwan guguddoorraa hirmaataniin kan gaggeeffamaa jiruudha.

Kaayyoo ijoon yaa'ii kanaa hojiiwwan waggaa guutuu waldichaa gaggeessaa ture qorachuudhaan kallattii gara fuula duraa kaa'uu yoo ta'u, kanaaf Wiixata darberraa kaasee koreen raawwachiiftuu hojii yaa'ichaa walga'ii cufaa gaggeessaa ture.

Dhimmootni koreen raawwachiiftuu hojii waldichaa yaa'ii idilee waldichaa dura taasise rakkoolee guguddoo dhimma seeraatiin walqabataniin Ardii Afrikaatti bara bajataa kanatti raawwatamanirratti mari'achuufi kallattii gara fuula duraa akeekuuf yoo ta'u, gabaasa hojii zooniiwwan Afrikaa shanan keessaa dhufanis iddoo tokkotti dhaggeeffachuudhaan qorannoon irratti adeemsifameera.

Bariisaa: Zooniiwwan Afrikaa isaan

kam?

Obbo Teewdiroos: Bareeda. Afrikaan zooniiwwan shanitti qoodamti. Isaanis zoonii Afrikaa Bahaa kan Itoophiyaa dabalatee biyyootni akka Keeniyaa fi Taanzaaniyaafaan keessatti argaman; zoonii Afrikaa Lixaa kanneen biyyootni akka Naayijeeriyaafaa of keessaa qabu akkasumas zoonii kaabaa biyyoota akka Morokoofaa keessatti hammatamaniifi zoonii kibbaa biyyootni akka Afrikaa Kibbaa itti argamaniifi kan giddugaleessaa jedhamaniidha.

Gara haasaa addaan najalaa kutteetti yemmuun deebi'u, Roobii darbe waaree dura Gamtaa Afrikaatti walga'iiin mana maree waldichaa gaggeeffameera. Guyyuma sana waaree booda simi jalqabsiisa yaa'ii Waldaalee Ogeeyyota Seeraa Paan Afrikaa bakka hoggantootni olaanaan gara garaa argamanitti ifaan eegalame.

Hoggantoota olaanaa yommuu jennu kanneen mootummaa Itoophiyaa qofa osoo hintaane, kan dhaabbilee addunyaa gara garaa biyya kanatti argaman hogganan, embaasiwwan Finfinneetti argaman heddurraa, Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniifi Gamtaa Afrikaarraayyis hoggansi sadarkaalee adda addaarratti argamaniidha.

Guyyaa Kamisa ganamarraa kaasee immoo hirmaattotni yaa'ichaa dhimmoota gara garaa sadiirratti galmawwan adda addaa sadiitti qoodamuudhaan waraqaaleen qorannoo ogeeyyota seeraa guguddoo biyyoota adda addaatiin qorataman dhihaatanii irratti mari'atameera.

Waldaan Ogeeyyota Seeraa Paan Afrikaa kun biyyoota Afrikaa 44 keessatti kan argamu yoo ta'u, waldaaleen kanneen immoo biyyoota keessa socho'anitti miseensota kumaatamatti lakka'aman of jalaa qabu.

Bariisaa: Waldaan Ogeeyyota Seeraa Afrikaa kun hanga ammaatti seerota Afrikaatti hojirra oolanirratti hangam



dhiibbaa uumeera?

Obbo Teewdiroos: Hundeeffamasarraa eegalee akkuma kaayyootuu qabatee kan ittiin hundeeffameef dhimmoota akkanaarratti sagaleesaa dhaggeessisuuf yemmuu ta'u, keessattuu gaaddisa guddaa Afrikaanotaa kan ta'e Gamtaa Afrikaatti seerotni dhimmoota ardittiitiin walqabataniin bahan kan hawaasa giddugaleeffatan akka ta'an, aanga'oota qofa tajaajilaniifi yeroo hoggansi geeddaramutti seerri haaraan ittibahu akka hintaaneef hojii guddaa hojjachaa turre, ammas ittuma jirra.

Akka carraa ta'ee garuu tarsiimoowwaniifi imaammata biyyoota gara garaa keessatti bocamanii hojirra oolaniif ka'umsa kan ta'e seerri kan bocameefi uumames Afrikaa xiyyeeffannoo keessa galchee haala ardichaaf mijatutti osoo hintaane, biyyoota lixaa dursanii guddatanirratti hundaa'eeti.

Kanaaf seerota qaama biraatti safaramee bocamee bahan akka Afrikaatti akka ta'utti sirreessanii hojirra akka oolan taasisuu keessatti Waldaan Ogeeyyota Seeraa Afrikaa sochii addaan hincitne taasisaa jira.

Bariisaa: Gara waldaa keessan, Itoophiyaatti yoo deebinu hojii haqa ce'umsaa mirkaneessuuf akka biyyatti hojjatamaa jiru keessatti hirmaannaan keessan akkamitti ibsama?

Obbo Teewdiroos: Guyyaa jalqaba imaammata haqa ce'umsaa wixineeffamurraa eegalee waldaan keenya, miseensotni waldaa keenyaas hirmaanna guddaa taasisaniiru. Inumaayyuu karoora wixinessituu imaammata haqa ce'umsaa

keessa galuudhaan gumaacha olaanaa bahanneerra.

Kana qofaan hindhaabanne. Erga sanadichi wixineeffamee bahee boodas walga'iiwwaniifi mariiwwan sanada imaammata haqa ce'umsaa kana cimsuufi galtee funaanuuf taasifaman irrattis hirmaanna ho'aafi galteewwan imaammata keessatti hammatamuu qaban gumaachineerra.

Hojiin kun deeggarsa dhaabbilee misoomaa gara garaa waliin ta'amee yoo dalagame malee ulfaataadha. Kanaaf jecha osoo rakkooleen akkanaa nu hinmuudatiin hirmaanna keenya bifa gahaa ta'een bahachuuf rakkoolee maallaqaafi bajataatiin walqabataniin uumaman hir'isuuf dhaabbilee misoomaa waliin mari'achaa jirra.

Kanaaf yeroo mariin kun xumuramee qaama faayinaansiidhaan nu deeggaru argannutti waldichis ta'e miseensotnisaa iddoowwan barbaachisaa ta'an hundatti socho'uudhaan gumaacha hojii kanaaf barbaachisu bifa gahaa ta'een bahachuuf qophiidha.

Bariisaa: Seerotni sadarkaa addunyaatti bahan dhimma Afrikaa xiyyeeffannoo keessa akka galfataniif hordoffiin Waldaa Ogeeyyota Afrikaatiin taasifamu akkamiin ibsama?

Obbo Teewdiroos: Hirmaattotuma yaa'ii kanarratti hirmaachuuf yeroo ammaa Itoophiyaa jiran kanneen yoo ilaalte, isaan biyyoota Afrikaa gara garaarraa gama waldaalee ogeeyyota seeraasaaniitiin bakka buufamanii hirmaatan qofa osoo

Gara fuula 7tti

KEESSUMMAA BARIISAA

ICC'n hoggantoota Afrikaa adamsuuf...

hintaane, abukaatotaafi ogeeyyota seeraa sadarkaa addunyaatti dhageettii qaban hedduutu jiru.

Kana maaliif sii kaase seete, akka carraa ta'ee yommuu kaarikulamii barnoota seeraarraayyuu kaatu maddi ka'umsaafi wanti inni akka bu'aatti milkeessuuf kaayyeeffatee tumamu biyyootuma guddatanirratti hundaa'eeti.

Kanaaf adeemsi seerota sadarkaa Addunyaatti bahaniin kan hunda fakkaatuufi haala jiruufi jireenya hawaasa Addunyaa biyyoota hundaa keessa jiru tajaajiluu danda'uu akka ta'uuf qabsoon hoggantoota biyyoota guddachaa jiraniinis ta'e ogeeyyota seeraa biyyoota guddachaa jiraniin taasifamu kun kan milkaa'uu danda'u yoo isaanuma keessaa namoota amansiisanii dhimma kana fudhachiisuun danda'ame qofa.

Nutis yemmuu yaa'ii kana qopheessinu miseensota waldaalee ogeeyyota seeraa biyyoota Afrikaatti argamanirra dabarree wanti hoggantoota dhaabbilee seeraa sadarkaa addunyaatti dhageettii qaban, yunivarsiitiwwan biyyoota guddataniitti barnoota seeraa barsiisaniifi abukaattota seeraa dhaabbilee bebbeekkamoo kan hirmaachifneef qabsoo kana akka nu deeggaraniif yaadneeiti.

Seerri tokko yemmuu sadarkaa addunyaatti bahuuf jedhu sadarkaa wixinee seeraarraa kaasee ogeeyyotni biyyoota addunyaarraa babahan akka hirmaataniif dhaabbileen maqaa mirgoota namoomaafi dimokraasiitiin gurmaa'anii sadarkaa addunyaatti socho'anis keessoosaaniitti miseensa hawaasa addunyaa bal'aa agarsiisuu danda'u akka hammataniifi hojiin isaan mirgoota namoomaafi dimokraasii mirkaneessuuf hojjetanis biyyoota guddataniifi guddachaa jiran gidduutti loogii tokko malee haqaan walqixa hojiirra ooluu akka qaban kan taasifamu yemmuu hirmaannaan walqixni jiraate qofa.

Namootni kunniin biyyasaaniifi biyyoota keessatti dhaabbilee gara garaa hoggananiitti warreen dhageettii olaanaa qaban waan ta'aniif seerotniifi imaammaattootni sadarkaa addunyaatti dhaabbilee idiladdunyaatiin bocaman biyyoota addunyaa hunda bu'uura taasifachuu akka qabanirratti dhiibbaansanii akka salphaatti kan ilaallamu miti.

Kanaaf, nutis jara kana yaa'iiwwan akkanaafi kanneen biroorratti hirmaachisuudhaan dhugaafi komii Afrikaan seerota akka addunyaatti bahanirratti qabduurratti hubannoo gahaa uumnee jarris qabsoo kana amanani akka fudhataniifi rakkoolee kanneen sirreessuuf tarkaaffiiwwan fudhatamuu malanirrattis shoora olaanaa akka bahatan taasisuun cimnee kan ittifufsiifnu ta'a jechuudha.

Bariisaa: Dhimootni Afrikaa ilaallatan keessumaa gama seeraatiin Afrikaanotumaan akka furamaniif sochii akkamii taasiasa jirtu?

Obbo Teewdiroos: Gaaffii daran bareeda nagaafatte. Sababnisaas; jalqabarratti wanti nuti sirritti ifee akka mul'atu barbaannus gaaffiidhuma ati nagaafatte kanaan kan walqabatu yaadimee Paan Afrikaaniizimii kana. Dhimmi kun immoo



waan akka salphaatti ilaalamu akka hintaane hubatamuu qaba.

Yommuu Paan Afrikaaniizim jedhamu damee seeraa, damee fayyaafi qonnaa jedhamee kan addaan qoodamu osoo hintaane, hojiiwwan biyyoota Afrikaa kamittuu hojjataman keessatti gidduu lixummaa qaama alaa malee rakkoolee uumame sanaaf furmaata yaadama Afrikaanota ganamaarraa maddan kennuu jechuudha.

Yaadamni Afrikaanotaa inni ganamaa mirgaafi hiree Afrikaanotaarratti Afrikaanotni qofti akka hirmaataniifi rakkoolee Afrikaanota keessattis ta'e gidduu biyyoota Afrikaatti uumamaniifis furmaatni biyyoota guddataniifi humna dinagdeefi siyaasaa horatan halaalaa dhufanirraa eeguu osoo hintaane, biyyootuma Afrikaa ollaa sana jiraniin furmaanni akka kennamu dandeessisuudha.

Akkuma beekamu hojiin dhimma yaadama Afrikaa kana lafa qabsiisuufi deebisanii dagaagsuu kun kan socho'u dhaabbilee gargaarsaa biyyoonni guddatan hundeesaniini. Kanaafuu qaamoleen maqaa dhaabbilee gargaarsaa hojiilee biyyoota Afrikaa keessatti hojjataman kanneen deeggaruuf hundaa'an kunniin hojiiwwan kana maallaqaan osoo gargaaranuu ergama dhokataa Afrikaanota gidduutti tokkummaan obbolummaarraa maddu akka hinuumamneef hojjachuunsanii kan hinoolle waan ta'eef hojii of eeggannoo cimaadhaan hojjatamuu qabuudha.

Kanaaf nuti akka waldaalee ogeeyyota seeraa Afrikaatti hoggantootni Afrikaa rakkoolee ummatasaaniirratti uumamaniif furmaata Afrikaawaa ta'e akka barbaadaniif hojii gorsaafi akeeka seeraa ni kennina. Yaada furmaataa dhimmoota gara garaarratti dhiheessinee hoggantootni fudhatanii imaammataafi tarsiimoo

biyyasaanii keessatti akka hammachiisan ni taasifna.

Wanti akka aadaa baratamaatti fudhatamee hanga ammaatti furmaata quufsa dhabuudhaan har'as Afrikaadhaaf akka gufuu guddaatti ilaalamu tokko jira. Innis maali yoo jette, yeroo hedduu yemmuu walddhabdeewwan biyyoota Afrikaa gidduutti uumaman furmaanni biyyoota Afrikaa ollaa sana jiraniif waa'ee rakkinihaarratti hubannoo gahaa qaban irraa osoo hintaane, biyyoota lixaa waa'ee dhimmichaa dhiheenyaa hinbeekneefi furmaata faayidaa dhuunfaasaaniirratti hundaa'anii kennan irraati.

Kanaafuu, hanga rakkoolee Afrikaatti mudataniif furmaanni Afrikuma keessaa Afrikaanotumaan hinmaddinetti yaadamni Paan Afrikaaniizimii jennee odeessinu kun hojirratti bu'aa qabatamaa hin fidne jechuudha. Yaadamni Paan Afrikaaniizimii bara Afrikaanotni hedduu sirna koloneeffattoota Awurooppaa jala turanitti Afrikaa bilisoomsuuf taasifamaa ture sun gidduudhaan qabbanaa'aa dhufuusaatiin yeroo ammaa yaadamni kun deebi'ee Afrikaanotaan akka ilaaleffamu, kana qofas osoo hintaane yemmuu qabatamaan hojiirra akka oolu taasifametti rakkooleen Afrikaa Afrikaanotumaan furamu jechuudha.

Bariisaa: Dhimoota seeraafi murtii seeraatiin walqabataniin sadarkaa Addunyaatti bahuudhaan hojiirra oolaa jiraniifi Afrikaanotni komiirraa qaban keessaa inni tokko 'ICC' yookiin Mana Murtii Addunyaati. 'ICC'n kun mataansaatu jalqabumarraayyuu kan hundeeffameef hoggantoota Afrikaa maqaa dhiittaa mirgoota namoomaatiin adamsuuf yaadameeti jedhamee waan hamatamuuf waldaan ogeeyyota seeraa kanarratti ijannoo akkamii qaba?

Obbo Teewdiroos: Osuma itti sii dhufuuf

jedhuu nagaafatte. Komiin mana murtii yakkaa Addunyaa irratti gama hoggantoota Afrikaatiin dhihaachaa tureefi ammas ittifufe kun bu'ura akka qabu ni amanna. Ilaalcha manni murtii kun yakka seeraa biyyi tokko bu'uraan sarberra dhaabatee kan murtii kennu osoo hintaane, eenyutu sarbee irra dhaabatee murtii kan kennu akka ta'e muuxannoo waggoota dheeraasarraa hubachuun ni danda'ama.

Keeyyata seeraa kamtu cabee osoo hintaane, eenyutu cabsee irra dhaabatee murtiin manni murtii tokko kennu immoo murtii haqaqabeessa ta'uu hindanda'u. Iddoon mutiin haqa hinqabne itti kennamu mana murtii haqaa ta'uu hindanda'u. Kanaaf 'ICC'n kan hundaa'eefi hojjachaa jiru haqa dhala namaa sadarkaa Addunyaatti dabbeef osoo hintaane, hoggantoota Afrikaafi biyyoota guddachaa jiran kanneen biraa ittiin adamsuuf akka ta'e yaadni gama hoggantoota Afrikaatiin dhihaatu dhugummaa kan qabu ta'uu kan agarsiisuudha.

Nuti akka Waldaa Ogeeyyota Seeraa Afrikaatti manni murtii yakkaa addunyaa kun rakkoo loogii qaba kan jennuuf dhiittaa mirgoota namoomaafi dimokraasii biyyoota Afrikaatti hoggantootaan raawwataman dhoksuuf osoo hintaane, akeekni manni murtichaa ittiin hundaa'eefi erga hundaa'ee boodas ittiin hogganamaa jiru biyyoota guddataniifi guddachaa jiran gidduu loogiin jiraachuu waan ifatti hubanneefi.

Kanarraa ka'uun ogeeyyotni seeraa Afrikaa rakkoolee seeraan walqabataniifi kanneen akka dhiittaa mirgoota namoomaas kan ilaalamuu qabu qaama biraatiin osoo hintaane, ogeeyyotuma Afrikaatiin ta'uu qaba ijannoo jedhurra wanti geenneefi.

Manni murtii yakkaa Addunyaa amma jiru hanga ammaatti waan haqa barbaadamu Afrikaanotaa mirkaneessuu hindandeenyeeff Afrikaan Mana Murtii Yakkaa mataasaa danda'e akka hundeeffattuuf sochiin gama waldaa ogeeyyota seeraa Afrikaafi qindoomina dhaabbilee Afrikaatiin labsii Malaabootiin murtaa'eera.

Bara faranjoota 2014tti Afrikaan mana murtii mataasaa danda'e akka horattuuf kan mallatteeffame Pirotokoliin Malaaboo kun, hundaa'uusaarraa kan hafe waggoota kurnan darbanitti bu'aan qabatamaa Afrikaanotaaf buuse garuu hinjiru. Sababnisaas; biyyootni Afrikaa hundi pirotokolii kana mallatteessuu waan hindandeenyeeff.

Waldaan Ogeeyyota Seeraa Afrikaa immoo pirotokoliiin saffisaan biyyoota Afrikaa hundaan mallattaa'ee gara hojiitti akka galuuf sochii taasiasa kan ture yemmuu ta'u, hundeeffama pirotokolii Malaaboo waggaa 10ffaasaa Gamtaa Afrikaa waliin kabajuudhaan biyyootni Afrikaa hundi akka mallatteessaniif dhiibbaa gochaa tureera. Gara fuula duraattis pirotokoliin hundeeffama mana murtii yakkaa Afrikaa kun dafee mallattaa'u malee Afrikaan haqa qabdu kamuu mana murtii yakkaa Addunyaa 'ICC' amma jirurraa ni argatti abdi jedhu hinqabnu.

Qarreefi Qeerroo

Dargaggoonni waa'ee nageenya waareessuurratti maal jedhu?

Waasihun Takileetiin

Dargaggummaan umrii murteessaa ofifis ta'e biyya ofiif waardiyyaa dhaabachuun wabii itti ta'an yoo ta'u, keessumaa gaafa xiiqqi ga'umsaan diina dura dhaabatee walabummaa biyyaa kabajuufi kabachiisuun dhaloota utubaa biyyaa ta'edha jechuun ni danda'ama.

Kanamalees wayita sirnoonniifi ayyaanonni gara garaa gaggeeffaman walleen, aartiin, uffataan miidhagsuun aadaan osoo hinfaalamiin duudhaasaa eeggatee dhaloota dhufutti akka darbuuf imaanaan dargaggoota harka jiru tokko lama miti.

Oromoon guyyaa jijjiiramaa har'a keessa jiru kana ijasaatiin arguuf wareegama qaali humnaa olii kaffaleera, lubbuu qaali itti wareegeera, qaamasaa itti dhabeera, dhiigasaa dhangalaaseera.

Bu'aa dhiigasaafi sirna jijjiiramaa sabaafi sablammiif bu'uura ta'e kana ijaaruunis dachee kaleessa irratti cabaa turerratti ayyaanota akka Irreechaa kan jaarraa tokkoofi walakkaaf cufamee ture saaqsisuu danda'eera. Kun bu'aa qabsoo hadhaa'aa argameedha.

Bu'uuruma kanaan magaalaa guddoo Oromiyaa, kan Itoophiyaafi giddugala Gamtaa Afrikaa kan taate Finifinne keessatti horasaa ganamaatti deebi'uun waggaa waggaa karaa hunda hirmaachiseen sadarkaa Oromiyarraa hanga addunyaatti Irreecha kabajachuun Oromoon hammam akka gahu qabatamaan agarsiiseera.

Sabaafi sablammiilee hedduun Itoophiyaa dhiibbaa sirnoonni darban irraan gahaa turanirraa kan ka'e aadaa duudhaafi sirnootasaanii gara garaa guddisuunis ta'e barsiifachuun dhorkaa ta'uusaarraa kan ka'e qorqalbiinsaanii akka jaamu taasifamaa turuu seenaatu ragaa baha.

Haata'u garuu qabsoo fincila diddaa qeerrootiin dhoosee sirnoota cunqursaa hundeedhaa buqqisuun ijaarama sirna jijjiiramaatiif bu'uura buusuusaatiin kan kaleessa dhokatee ture gadi bahee eenyummasaa, aadaasaa, ayyaanotasaa akka kabajatuuf haalli mijataan uumameera.

Ayyaanota aadaa dhiibbaadhaan akka Finifinneetti hinkabajamne taasifaman keessaa Irreechi isa ijoo yoo ta'u, turtii jaarraa tokkoofi walakkaa booda kabajamuu eegaluusaan injifannichi bu'aa qabsoo ilmaan Oromoo wareegama qaaliin argame waan ta'eef dargaggoota sabaafi sablammiilee gara garaa dabalatee qeerroofi qarreen achirratti walgahuun gammachuusaanii waliin dhandhamaa jiru.

Malkaawwan biroo akka biyyaatti jiran marattis kabajni Irreechaa dachaan dabalaa, ho'aafi hawwata tuuristii ta'aa kan jiru yoo ta'u; humni kaleessa waliin duulee sirna kana dhale garaagarummaa yaadaa mariin furuurra walitti deebi'anii walwaraanuun hamileesaanii miidhaa jiraachuu dargaggoonni ni kaasu.

Tibbana ayyaana Irreechaa Malkaa Ateete Buraayyuu Gafarsaatti kabajamerratti dargaggoota uffata aadaatiin miidhaganii birraa fakkaatanii naannawaa malkaa fi magaalota bareechan sirbaa dhiichisaa warreen gammachuu dhandhaman



Dargagoo Araarsaa Margaa



Shamarree Daraartuu Dirribaa

garaa garummaan yaadaa ilaafi ilaameen furamuu danda'uu walwaraansatti jijjiiruun ummanni keenya gatii hinmalle akka kaffalu taasifamuun kun yaadessaa ta'uu kaasa Dargaggoon kun.

Obboleeyyan walitti bu'anii walari'achuun fafummaadha kan jedhe dargaggoon kun, waljifachuun Oromoo waan ormaaf waan karra banuuf dhaabannee waldhaggeeffataa deemuun murteessaadha jedha.

Imaanaan Oromummaa dhaloota ammaa harka jiru olaanaadha. Kanammoo milkeessuu kan dandeenyu yoo waliigalledha jedhee, dhimmi Oromoo walitti buusu jiraachuu hinqabu. Yoo akka tasaa uumamellee ilaafi ilaameen xumuramuun fala dhuma ta'uu qaba jedha.

Oromoon qe'eesaatti kabaja abbummaa dhabee hiraarfamaa ture har'a wayita abbaa biyyaa ta'ee dimokraasiin maal akka fakkaatu, misoomni maal akka ta'e qabatamaan agarsiisuu jalqabutti garaagarummaa yaadaa waliisaa gidduutti dhalachuun nudallansiisaa jira jedha Dargaggo Araarsaan.

Irreecharratti dhufnee sirbinee gammannee dabarsuun keenya kan nugammachiisu ta'us gammachuun keenya hir'uudha. Kanaafimmoo sababa kan ta'e walwaraansi Oromiyaa keessa ture gatii hinmalle waan nukaffalchiiseef jechuun ibsa.

Hedduun qe'eefi qabeenyaarraa buqqa'aa jira. Namoota dhabuu hinqabne dhabne. Kana booda akka gammachuun keenya dachaa ta'uuf nagaan waareffamuu qaba jedha.

Dargaggoonni keenyas dammaquu qabna, waraanarraa wanti bu'u yoo jiraate qaamaan hir'achuu, lubbuu walballeessuu, qe'een golgolaa'uu, diinaaf karra banuufi gabrummaaf of saaxiluu qofa jechuunis ibsa. Dhimma waldhabdee waliikeenya gidduu jiruuf ilaafi ilaameen furachuun fala.

Jaarraa ammaan kana keessa jirrutti walitti inaa fuun, ija jibbaatiin wal ilaaluun walwaraanuun Oromoo cunqursaa kaleessaatti deebisuudha kan jedhe Dargaggoon kun, gammachuu guutuu dhandhamuuf kan bosona jirus yaadasaa jijjiirratee mariin furachuun Oromiyaa badhaate ijaaruf tumsuu qaba jechuun gorsa.

"Ani ayyaana Irreechaa guddaa sadarkaa addunyaatti ijaafi qalbii tuuristootaa keessa jiru kanarratti wayitan argamu gammachuu guddaan qaba. Sababnisaa bu'aa dhiigaafi lafee qabsaa'ota keenya dhufaa darbaa wareegama kaffalanii waan ta'eefi.

Irreechi nagaadha, tokkummaadha, dhiifama, araara labba. Kanaaf obboleeyyan keenya araara buufadhaa Oromiyaa dhiigsuu keessaa baanee misoomaan finiinsuutu nurra eegama" jedha.

Shamarree Daraartuu Dirribaa jiraattuu Magaalaa Shaggar, Kutaa Magaalaa Buraayyuu yoo taatu qarreewwan Irreecha Malkaa Ateeteerratti hirmaatan keessaa ishee tokko. Ayyaanni Irreechaa araara, tokkummaafi obbolummaa kan cimsu dirree garaagarummaan amantaa itti tokkoomu malkaa dhiifamaafi ce'uuti jetti.

Oromoon tokkummaan bahee mareehoo jechaa malkaatti bahee yeroo itti waaqasaa galateeffatuudha. Haata'u garuu walwaraanaa malkaatti bahanii irreeffachuun aadmalee waan ta'eef garaagarummaa yaadaa mariin furachuun dirqama dhaloota kanarraa eegamudha jetti.

"Biyya bulchaa jirra. Garuu walbulchuurratti waldhabuun keenya sirrii waan hintaaneef dhaabannee waldhagahuun gaariidha. Biyya ijaarree dhaloota dhufuuf dabarsuuf jirra isa kanaafimmoo garaagarummaa yaadaa xiqqoo taate furachuun dirqama keenya erga ta'ee waldhiigsuun walbuqqisuun diinaaf haalamijeessuu waan ta'eef dammaquun nurra jiraata" jetti.

Harki qawwee kaasee walwaraanu kun ilaafi ilaameen garaagarummaa yaadaa jiru furatee osoo misoomatti deebi'ee Oromiyaa bareeddu misoomtuu nurra darbee ollaaf wabii taatu ijaaruun nidanda'ama jechuun ibsiti.

"Haata'u garuu waldhiibuu keenyarraa kan ka'e gatii hinmalle kaffalaa jirra. Misoomni keenyas harkifataa jira. Hoji dhabdummaan hedduumaachaa jira.

Dargaggoonni keenyas dhimma nageenyaaf gurra keenya kenninee waldhagahuu qabna. Yoo kun hintaane waljifachaa deemuun hallayyaa walbuusuu waan ta'eef mariif dursa kennuun barbaachisaadha.

Irreechi akkuma Oromoo guddaadha, kabajamaadhas. Dhiifama, araaraafi tokkummaa labba jennee kaaniyyuu Oromoomsaa jirra. Faallaa kanaammoo garaagarummaa ilaalchaa madaallii hinkaasne qabannee walgaarreffachaa biyya ittifufsiisuun waan hindanda'amneef nagaa waareessuurratti haa xiyyeeffannu.

Osoo walwaraansi hinjiru ta'e akkam walbareechina turre. Kun ta'uu dhabuusaatiin miira gaddaafi gammachuun ayyaanefachaa jirra kun dhiyootti furamuu qaba" jetti.

Walumaagalatti biyya badhaate, hundaaf mijattu, dachee dimokraasiin itti dhugoome walqixxummaan sabaafi sablammi itti mirkanaa'e dhaloota dhufutti dabarsuuf kaayyoo qabna taanaan garaagarummaa keenya ilaafi ilaameen furachuun qabsoo qawwee qabsoo caalmaa yaadaatti jijjiiruun jibba jaalalaan injifannee guddummaa Oromoo olkaasuun barbaachisaadha.

Dargaggoonni keenyas dhimma nageenyaaf gurra keenya kenninee waldhagahuu qabna. Yoo kun hintaane waljifachaa deemuun hallayyaa walbuusuu waan ta'eef mariif dursa kennuun barbaachisaadha

dubbisnee turre.

Ayyaanichi ayyaana guddaa waqtii birraa eegee waggaa waggaa kabajamu ta'us hammam miira gammachuun waqticha eeganii simatanis rakkoo nageenyaa mudataa jirurraa kan ka'e mufannaan jiraachuu dargaggoonni ibsu.

Dargaggo Araarsaa Margaa Magaalaa Finifinne, Kutaa Magaalaa Aqaqii Qaallittii, Aanaa Sirraa kan dhufe yoo ta'u, Oromoon sirna balaafamaa jaarraa tokkoofi walakkaa oliif kanamalees murna golasaa golgoleessaa tuerratti hadheeffatee qabsaa'ee erga hundeedhaa buqqisee gammachuun nutti dhagahamaa ture olaanaadha jedha.

Ta'us irreen kaleessa waliin duulaa ture utuu

Abbaa Sa'aa

Hojiilee guguddoo omishaafi omishtummaa qonnaa guddisuuf bara omishaa 2016/17 Oromiyaatti raawwataman

Natsaannat Taaddasaatiin

Biiron Qonna Oromiyaa bara 2016 damee qonnaatiin hojiilee guguddoo dinagdee naannichaas ta'e biyyattii olkaasuu danda'an hedduu raawwateera. Bara omishaa 2016/17 gargaaramummaarraa gara omishuutti kallattii jedhu qabachuun dameelee qonnaa hunda keessatti hojiileen omishaafi omishtummaa qonna guddisan hedduun karaa walfakkaataa ta'een raawwatamaniiru.

Hoggantoonni qonnaa, ogeessoni qonnaafi qonnaan bultoonni karoora xiiqqii milkeessuurratti bal'inaan akka hirmaatan taasisuun qindoominniifi waldhageettiin sadarkaa hundatti akka uumamu taasisuudhaan hojiin qonnaa dameelee hundaan akka milkaa'u ta'eera. Akka waliigalaatti barri omishaa 2016/17 baroota darbanirra bara omishni fooyya'aa itti eegamu ta'uu himu Hogganaan Biiron Qonna Oromiyaa Obbo Geetuu Gammachuu.

Obbo Geetuu ibsa Kibxata darbe miidiyaaf kennaniin akka jedhanitti, bara omishaa 2016/17 lafa heektaara miliyoona 10.8 ta'u omishaalee gosoota gara garaatiin uwwisuuf karoofachuun lafa heektaara miliyoona 11.2 ta'u omisha gosa gara garaatiin uwwisuun danda'ameera. Lafa heektaara miliyoona 8.6 ta'u kilaastaraan omishuuf karoofachuun lafa heektaara miliyoona saddeetiifi kuma 651 kilaastaraan qotuun danda'ameera.

Omisha kuntaala miliyoona kuma 337 sassaabuuf karoorfameera

Lafa waliigalaa midhaan akaakuuwwan gara garaatiin uwwifame keessaa %78 kan ta'u kilaastaraan omishame. Kilaastara bal'inaan waan fayyadamneef omishaafi omishtummaan bara omishaa 2016/17 kan baroota darbanirra caalaa dabaluu danda'a jedhamee tilmaamama. Lafa waliigalaa midhaanota gara garaan uwwifamerra omisha kuntaala miliyoona kuma 337 ta'u sassaabuuf karoorfameera.

Hojiin qonnaa kun makanaayizeeshinii qonnaa fayyadamuun adeemsifamaa turuu himanii, lafa waliigalaa midhaanota akaakuuwwan gara garaatiin uwwifame keessaa hektaarii miliyoona 4.8 (%43) ta'u tiraaktaraan kan qotameedha. Kun qonna keenya gara teknoloji qonnaa fayyadamuutti ce'aa jiraachuu agarsiisa jedhu.

Biiron Qonna Oromiyaa bara omishaa 2016/17 wabii midhaan nyaataa mirkaneessuu, omishaalee alaa galan kan biyya keessaatiin bakka buusuu, omishaalee alergii guddisuufi damee qonnaa carraa hojii bal'aa akka uumu taasisuurratti xiyyeeffatee hojjechaa turuu himanii, inisheetiivota qonnaa carraa hojii bal'aa uumuuf bocaman hojiirra oolchuun milkaa'inniifi jijjiiramni guddaan mul'ateera.

Wabii midhaan nyaataa

Wabii midhaan nyaataa mirkaneessuuf keessumaa omisha boqqolloofi mishingaarratti xiyyeeffatamee hojjetamaa ture. Lafa heektaara miliyoona 1.7 omisha boqqolootiin

uwwisuuf karoofachuun karoora ol lafa heektaara miliyoona lama ta'u omisha boqqoloon uwwisuun danda'ameera. Mishingaanis lafa heektaara miliyoona tokko ta'urratti misoomsuuf karoofachuun lafa heektaara miliyoona 1.4 ta'urratti misoomsuun danda'ameera. Omishaaleen kunneen keessumaa wabii midhaan nyaataa naannawa gammoojjii mirkaneessuu keessatti iddoo olaanaa kan qaban ta'uus eeraniiru.

Midhaanota alaa galan kan biyya keessaatiin bakka buusuu

Midhaanota biyyoota alaati galan kan biyya keessaatiin bakka buusuuf omisha qamadii, ruuziifi garbuu biiraa irratti xiyyeeffatamee hojjetamaa turuu himanii, omishni lafa qamadii gannaas waggaa waggaa dabalaa dhufeera. Ganna darbe kana lafa heektaara miliyoona 3.1 omisha qamadiitiin uwwisuuf karoofachuun lafa heektaara miliyoona sadiifi kuma 165 omisha qamadiitiin uwwisuun danda'ameera. Bara 2016 omisha qamadii jallisiitiin lafa heektaara miliyoona 2.8 omisha qamadiitiin uwwisuun danda'ameera.

Omisha qamadii ganna

Bara 2015 omisha gannaatiin qamadiin lafa heektaara miliyoona 2.4 kan ture yoo ta'u, bara 2016 misooma jallisiitiin lafa heektaara miliyoona 3.1 omisha qamadiin uwwisuun danda'ameera. Bara darbe lafa qamadii misooma jallisiitiin misooma kan ganna bara aachaanu yeroo jalqabaaf caalee argameera. Kun qonna keenya hirkattummaa roobaa jalaa bahee gara jallisiiti ce'aa jiraachuufi misooma jallisiifi xiyyeeffannaa guddaan kennamee hojjetamaa jiraachuu agarsiisa. Tarsiimoon qonna keenyaa hirkattummaa roobaa jalaa gara jallisiiti jennee qabannee deema jirrus bara darbe kana milkaa'ii guddaa kan itti arganneefi jijjiiramni guddaan kan itti mul'ate ta'uu agarsiisa.

Garbuu biiraa

Garbuu biiraa biyya alaati galaa ture omisha biyya keessaatiin erga bakka bu'ee waggoota lama lakkoofsiseera. Ganna darbe kana garbuun biiraa lafa heektaara kuma 500 irratti misoomsuuf karoofachuun lafa heektaara kuma 528 irratti misoomsuun danda'ameera.

Omisha ruuzii

Waggoota lamaan dura omishni ruuzii Oromiyaa keessatti hin beekamu ture. Waggoota lamaa as garuu omisha ruuziif xiyyeeffannoo addaatiin irratti hojjetamaa tureera. Bara 2016 lafa heektaara miliyoona 1.5 ta'u ruuzii misoomsuuf karoofachuun lafa heektaara miliyoona tokkoofi 918 ruuzii misoomsuun danda'ameera.

Omisha midhaan zayitii

Omisha midhaan zayitiifis xiyyeeffannoo guddaan kennamee irratti hojjetamaa ture. Atara gabbataa lafa heektaara kuma 600 irratti misoomsuuf karoofachuun lafa heektaara kuma 603 omishichaan uwwisuun danda'ameera. Lawuzii lafa heektaara kuma 500 irratti misoomsuuf karoofachuun

lafa heektaara kuma 518 omisha lawuziin uwwisuun danda'ameera. Suufii lafa heektaara kuma 200 irratti omishuuf karoofachuun lafa heektaara kuma 180 omishichaan uwwisuun danda'ameera.

Omishni lawuzii

Omishni lawuzii naannoo Oromiyaa bakka hundatti omishamuu kan danda'uufi jiruufi jireenya hawaasaa jijjiiruufi wabii midhaan nyaataa mirkaneessuu keessatti gahee guddaa qaba. Omishni suufii ammoo fedhii zayitii biyya keessaa guutuu keessatti gahee guddaa kan qabu ta'uus eeraniiru.

Omishaalee alergii

Omishaalee alergiiifis xiyyeeffannaa guddaan kennamee irratti hojjetamaa tureera. Lafa heektaara miliyoona tokko ta'u boloqqeen misoomsuuf karoofachuun hanga ammaatti lafa heektaara miliyoona tokkoofi kuma 81 omishichaan uwwisuun danda'ameera. Yeroo ammaa sassaabiin omisha kanaas bakka tokko tokkotti jalqabamee jira. Lafa heektaara kuma 500 saliixiin misoomsuuf karoofachuun karooricha guutummaatti milkeessuun danda'ameera. Maashoo lafa heektaara kuma 300 irratti misoomsuuf karoofachuun lafa heektaara kuma 312 ta'u omisha maashoon uwwisuun danda'ameera.

Carraa hojii

Hojiilee inisheetiivota damee qonnaan qabaman hojjetamaa turan hedduun wabii midhaan nyaataa mirkaneessuu, midhaanota biyya alaati galan kan biyya keessaatiin bakka buusuufi omishaalee biyya alaati ergaman guddisuufi carraa hojii bal'aa uumu keessatti gumaacha qabu. Omishaafi omishtummaa qonnaa guddisu keessatti ammoo dhiyeessin callaa guddistuu iddoo guddaa qaba. Bara omishaa 2016/17 xaa'oon yeroon bitamee qonnaan bulaa bira akka ga'uuf carraaqqii guddaan taasisamaa tureera.

Xaa'oo

Bara darbe xaa'oo kuntaala miliyoona 8.2 qonnaan bulootaaf dhiyeessuuf karoofachuudhaan xaa'oo kuntaala miliyoona 8.7 dhiyeessuun xaa'oo kuntaala miliyoona 8.64 qonnaan buloota biraan ga'uun omisha ganna darbeef akka fayyadaman taasisuun danda'ameera. Qonnaan bultoonni kompoostii raammoo bal'inaan qopheessee akka fayyadaman ta'eera. Barri omisha 2016/17 bara hojii qonnaatiin milkaa'ii gaariin itti argame, bara inisheetiivonni qonnaa karaa yaadameen itti milkaa'aniidha. Barri omishaa kun bara damee qonnaarratti jijjiiramoonni guddaan itti mul'ateedha.

Misooma beelladaa

Hojii misooma beelladaan walqabatee bara darbe raawwatamaa tureen loowwan miliyoona 1.6 ta'aniif tajaajila mala namaan diqaalomsuun danda'ameera. Bara 2017tti ammoo loowwan miliyoona 2.5 ta'an mala kanaan diqaalomsuuf karoorfamee hojjetamaa kan jiru yoo ta'u, hanga ammaatti loowwan kuma 657 ol tajaajila mala namaatiin



Obbo Geetuu Gammachuu

diqaalomsuun danda'ameera. Bara darbe cuuciiwwan guyyaa tokkoo miliyoona 53 ta'an qonnaan bulootaaf dhiyaataniiru.

Gaagurra ammayyaa

Gaagurri ammayyaa'aa omisha dammaa guddisuufi qulqullinasaa mirkaneessuu keessatti gahee guddaa waan qabuuf bara darbe gaagura ammayyaa miliyoona tokkoofi kuma 31 ta'u qonnaan bulootaaf dhiyeessuun danda'ameera. Barana ammoo gaagura ammayyaa miliyoona 1.5 ta'u qonnaan bulootaaf dhiyeessuuf karoorfamee hojjetamaa kan jiru yoo ta'u, hanga ammaatti gaagurri ammayyaa kuma 300 ta'u qonnaan bulootaaf dhiyaateera.

Misooma bunaa, baala shaayii muuziifaa

Bara darbe hojiin misooma bunaa bunaa inisheetiivonni qabamee hojjetamaa ture. Bara darbe biqiltuun bunaa biliyoona 2.51 ta'u qopheessuun lafa dhaabbiidhaaf qophaa'erra dhaabameera. Inisheetiivonni baala shaayii bara darbe bal'inaa hojiirra akka oolu ta'eera. Ganna darbe biqiltuun baala shaayii lafa heektaara kuma afur irra dhaabameera. Barana ammoo lafa heektaara kuma 30 omisha shaayitiin uwwisuuf karoorfamee hojjetamaa jira. Omisha muuziifi abukaadoorrattis hojii bal'aa hojjetamaa jira. Alergiin omisha abukaadoos haala gaariin itti fufee jira.

Hojii eegumsa naannawaa

Bara darbe hojiin eegumsaafi kunuunsa qabeenya uumamaa haala gaariin raawwatamaa tureera. Ganna darbe hojii ashaaraa magariisaatiin biqiltuwwan biliyoona 4.9 dhaabuuf karoofachuun biqiltuwwan biliyoona 5.1 lafa heektaara miliyoona 3.1 ta'urra dhaabuun danda'ameera. Jijjiiramniifi milkaa'inni misooma qonnaarratti mul'ate bu'aa bakka hundatti qindoominaan waliin hojjechuu hoggantoota qonnaa, ogeessoni qonnaafi qonnaan bulooti.

Haala roobaa

Tamsaasni rooba ganna darbees omisha midhaaniifi biqiltuwwan gara garaaf mijataadha ture. Naannawaa roobni itti hammaachaa turetti hawaasni keenya muuxannoo kanaan dura horatetti fayyadamuun haalli inni ittiin lolaa ofirra dabarsaa ture kan dinqisiifamuudha.

Yeroo ammaa karoorri omisha bara 2016/17 xumuramee karoorri bara omishaa 2017/18 qophaa'ee gara hojiitti seenameera kan jedhan Obbo Geetuu, bokkaan yeroo ammaa roobaa jiru midhaanota gahanirratti dhiibbaa waan fiduuf qonnaan bultoonni midhaan gaha dafanii akka sassaabaniif dhaamaniiru.

Ilaamee...

“Itoophiyaan Afrikaa bahaa keessaa bakka investimantii mijataa ta’aa jirti”

- Doktor Zallaqaa Tamasgeen

Saamraawit Girmaatiin

Waantota guddina dinagdee biyya tokkootiif murteessoo ta’an keessaa dameen investimantii isa ijoodha. Investimantiin biyya keessaas ta’e alaa fedhii omishaa guutuura darbee galii argamsiisuufi carraa hojii bal’aa uumuun dinagdee biyyaa kallattiidhaan utuba. Akkasumas hanqina sharafa alaa mul’atuufis furmaata.

Erga yeroo dhihoo as ammoo akeekni mootummaa hirmaannaa abbootii qabeenyaa guddisuu waan ta’eef keessumaa kanneen biyya alaati dhufanii invasti gochuu barbaadan akka dabaluuf ji’oota muraasa dura fooyyessa dinagdee gooroo taasiseera. Kanaanis ji’oota sadan darban qofatti gaaffiin investimantii biyya alaa 72 dhihaachuufi kunis kan yeroo walfakkaataa bara darbee wajjin yommuu madaalamu %12 ta’uu Komishiniin Investimantii Itoophiyaa ibseera.

Obbo Abbabaa Nagaraa, Zoonii Indastirii Istarniitti Gaggeessaa Hojii Dhaabbata Indastirii Alumineemii ‘Huaji’ jedhamuuti. Akka isaan jedhanitti, dhaabbatiichi ALA 2017, kaappitaala qarshii miliyoona 181n kan hundaa’e yoo ta’u, hojjetoota 171 dhaabbiidhaan mindeesse hojjechiisaa jira. Warshichi pirofaayilii aluminiyeemii bifaafi akaakuu addaddaa guyyaatti toonii 10-12 kan omishu yoo ta’u, gabaa biyya keessaatiif dhiyeessa.

Leecalloowwan hojii kanaaf ta’anis wantoota sibiila hintaaneeffii tajaajilasaanii xumuran walitti qabuun deebisani hojiirra kan oolchan ta’uu kaasanii, bakka hanqina qabanitti ammoo biyya alaarraallee akka galchan dubbatu. Hojiisaanii kanarratti deeggarsi mootummaa olaanaa ta’uu kaasanii, hanqinni sharafa alaatti garuu ammallee rakkoon jiraachuu kaasu.

Kaampaaniwwan zoonichatti argaman keessaa inni biraan Gaarmantii Liindee Itoophiyaa yoo ta’u, Gaggeessaan Hojii Dhaabbatiichaa Mistar ‘Ge Yifan’ akka dubbatanitti, dhaabbanni ALA bara 2013 hundaa’e kun, namoota 1000 oliif carraa hojii kan uume yoo ta’u, jalqabarratti omisha dhaabbatiichaa gabaa addunyaaf dhiheessaa kan turan ta’us ammaan tana guutummaatti biyya keessaaf dhiheessaa jiraachuu dubbatu. Adeemsa hojiisaanii keessatti deeggarsi gama mootummaatiin taasifamuuf gaarii ta’uu himanii, rakkoon hanqina sharafa alaa gaaffii ijoosaanii turuufi ammallee jijjiiramni jiraatus guutummaatti waan hinhiikamneef xiyyeeffannaa akka barbaadu ibsu.

Komishinarri Ittaanaan Komishinichaa Doktor Zallaqaa Tamasgeen sagantaa daawwannaa Zoonii Indastirii Istarnii torban darbe taasifamerratti akka jedhanitti, riifoormii taasifameen walqabatee bakka investimantii mijataa uumuuf fooyyessiiwwan seeraa, dinagdeefi



Lammiilee zoonichatti carraa hojii argatan keessaa

kanneen biroo taasifaman lakkoofsi invastaroota biyya alaa gara Itoophiyaa dhufanii misoomsani yeroodhaa gara yerootti dabalaa jira.

Labsii kanaan dura komishinichi ittiin gaggeeffamaa ture haala hawwataa ta’een sirreessuun qaama riifoormii taasifame keessaa tokko. Kanaanis biyyittiin Afrikaa Bahaarraa bakka invastimantii mijata’aa ta’uu dandeesseetti. Kun garuu qabeenya kuufamaa biyyattiin qabdu wajjin yommuu madaalamu ga’aa waan hintaaneeff caalaatti hojjechuu barbaachisa.

Akkasumas yeroo jalqabaatiif labsiin zoonii dinagdee haala adda ta’een qophaa’ee dhiheenya Mana Maree Bakka Bu’oota Ummataatiin ragga’uu eeranii, kanarraa ka’uun komishiniisaanii qajeelfamawwan qopheessuun hojiitti seenamuu dubbatu. Fooyyessa dinagdeefis waliigalteen Baankii Biyyaaleessaa wajjin taasifame bakka investimantii mijataa uumu kan dandeesisan ta’uu dubbatu.

Ergamni ijoon Komishinii Investimantii Itoophiyaa haala mijataa uume abbootii qabeenyaa biyyoota alaati fiduu ta’uu himanii, kana keessaa paarkiiwwan indastirii mootummaan ijaare akkasumas abbootiin qabeenyaa dhuunfaa Chaayinaa ijaaraniifi paarkiiwwan indastirii qindaa’oo naannoleetti argamanitti hojii ijoo hojjetamaa jiru ta’uu ibsu. Paarkiin alas wantoota barbaachisoo guutuudhaan akka misoomsaniif carraan akka kennamu himu.

Paarkiiwwan indastirii abbootii qabeenyaa dhuunfaan ijaaraman keessaa Zooniin Indastirii Istarnii isa tokko ta’uu kan himan Doktor Zallaqaan, kunis isa adda dureefi guddicha abbootii qabeenyaa

biyyoota alaa 153 qabu ta’uu kaasu.

Kunis %95 ol abbootii qabeenyaa biyya Chaayinaarraa dhufaniin kan qabame ta’uufi kanneen hafan biyyoota Hindii, Ingiliiziifi kanneen biroorraa kan dhufan keessatti akka argaman dubbatu.

Akka isaan jedhanitti, investimantii abbootii qabeenyaa Chaayinaatiin walqabatee yeroo ammaa pirojektinni kuma sadiifi 309 kan jiran yoo ta’u, kunis kaappitaala doolara biliyoona 8.5 ol Itoophiyaatti dhanagalaasuu danda’aniiru. Gama carraa hojiitiinis namoonni kuma 325 ol dhaabbiifi yeroottiin fayyadamoo ta’aniiru.

Yommuuabbootiin qabeenyaa alaa dhufanii Itoophiyaatti invasti godhan wantoota milkeessuuf barbaadaman keessaa tokko alergii irratti hirmaachuun wantoota alaa galan akka hir’isan taasisuu ta’uu eeranii, abbootiin qabeenyaa kunneenis kanarratti shoora olaanaa taphachaa jiraachuu dubbatu. Kana malees carraa hojii uumamu cinaatti ce’umsa dandeeffii, beekumsaafi teknoloojii mirkanessuu yoo ta’u, gama kanaanis hojiilee jajjabeessoon hojjetamaa jiraachuu kaasu.

Gama walitti hidhamiinsa gabaa uumuutiinis abbootii qabeenyaa biyya keessaa kanneen biyya alaa wajjin walitti hidhamiinsa uumanii akka muuxannoo waljijjiiraniifis hojiin hojjetame milkaa’aa ta’uu kaasanii, fuuldurattis qabeenya kuufamaa Itoophiyaan qabduufi haala mijataa mootummaan uumeen bu’aalee argaman kanneen caalaatti cimsuuf yaadamuu dubbatu.

“Itoophiyaan bakka investimantii mijataa Afrikaa Bahaa qofa akka taatuuf miti hojjetamaa kan jiru, sadarkaa

biyyoolessaatiillee filatamtuu akka taatuuf hojjetama. Fooyyessa taasifameenis ji’oota muraasa keessatti fedhiin investimantii kan dabaleef kanumaafi. Kunis sektaroota ijoo jedhamanii adda baafaman, maanufaakchariingii, Teknoloojii Qunnamtii Odeeffannoo (ICT), albuuda, turizimiifi ijaarsa manneen irratti fedhiin jiru dabalaa dhufeera” jedhu.

Komishinichatti, ittaanaan komishinaaraa biraan Obbo Dagaattoo Kumbee akka jedhanitti, abbootiin qabeenyaa biyya alaa gara Itoophiyaa dhufanii akka misoomsaniif, sharafa alaa gahaa akka argamsiisaniif, carraa hojii akka bananiifi ce’uma teknoloojiifi beekumsaa akka dabarsaniif hoji bal’aan hojjetamaa jira.

Mootummaanis gara biyyaatti isaan waamee hirmaachisuu qofa osoo hintaanee rakkoolessaanii itti dhiheenyaan furuuf akkasumas, deeggarsa barbaachisu taasisuuf qaama dhimmisaa ilaallatu waliin hojjechuuf karoofatee hojjetaa jiraachuu himanii, riifoormiin diinagdee maakiroo taasifamees qaamuma haala mijataa uumu ta’uu kaasu.

Dameewwan daldalaa kanaan dura abbootii qabeenyaa alaatiif cufaa turan kanneen akka aleergiifi alaa galchuu akkasumas, qinxaboofi jimlaa banaa ta’uusaaniitiin fedhiwwan addaddaa mul’ataa jiraachuu himanii, kanarraa ka’uun Adoolessa darbeerra kaasee hanga yoonaa gaaffileen investimantii 72 ta’an dhihaachuufi kanneen keessaa 41 daldala alaa galchuu (‘import’) irratti, 31 ammoo daldala aleergiirratti (‘export’) kan dhihaatan ta’uu dubbatu.

Kaampaaniwwan gaaffii dhiheessan keessaa 22 piroppozala komishinichaa kan dhiheessan yoo ta’u, maanaajimantiin komishinichaa erga gaaffii dhihaate gadifageenyaan qoratee booda kaampaaniwwan 12 fudhatummaa argachuu kan himan komishinarri ittaanaa kun, kanneen keessaa saddeet abbootii qabeenyaa Chaayinaa ta’uu kaasu.

Kanaafis sababoonni addaddaa jiraachuu kan himan Obbo Dagaattoon, keessumaa Itoophiyaan qabeenyaan kan badhaate ta’uunshee, fooyyessi dinagdee yeroo yeroon taasifamuun akka isaan filannoosaanii taasifatan taasiseera jedhu. Gaaffii yeroo dheeraa abbootii qabeenyaa kan ture hanqina sharafa alaa yoo ta’u, kunis leecalloowwan barbaachisan alaa bitachuuf danqaa turuu yaadachiisani, riifoormiin Baankiin Biyyaaleessaa dhiheenya taasiseen walqabatee gaaffiin baankichaa dhiheessan abdachiisaa waan ta’eef dhihootti akka hiikamu kan abdatan ta’uu kaasu.

Walumaagalatti, babal’achuun investimantii alaa faayidaan gama hedduu waan qabuuf sochii mootummaan kana hubachuun taasisu jajjabeeffamuu kan qabuudha.

AADAIFI AARTII

“Hojii aartiitiin ummata Oromoorra kan darbe qabeenyan horadhe hinqabu”

- Artisti Tasamma Galataa

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Artisti Tasamma Galataa bara Afaan Oromoon hojjechuu mitii dubbachuunuu akka yakkaatti fudhatamaa turerraa kaasee waggaa 30 oliif guddina aadaa, aartiifi Afaan Oromoo keessatti ogummaasaatiin shoora guddaa nama taphateedha.

Har'a garuu gootni doorsisawwan adda addaatiif osoo hinjilbeeffatiin aartii Oromoof utubaa ta'aa ture dhibee onneefi kaansarii dhiigaatiin sireetti galeera. Dhibee kanarraa fayyuuf waan qabu hundaan waggaa lamaa oliif mana yaalaa dhuunfaafi mootummaatti wal'aanamus dhibeensaafi wal'aansi walargachuu dhabuun itti hammaataa dhufe.

Osoo namatti hin himatiin waggaa lamaa oliif dhibee kana waliin wal'aansoo walqabuunsaa ummata rakkisuu waan hinbarbaadneefi. Dhibee isa mudate kana salphaa se'uun qofaasaa waan xumuratu itti fakkaachuu Artisti Tasamma Gaazexaa Bariisaaf ibseera.

Akkuma beekamu dhiibbaa siyaasaa turerraa kan ka'e weellisaa angafaa Doktora Kabajaa Alii Birraa dabalatee weellistoonni Oromoo hedduun hojii aartiirraa qabeenya walitti qabatan hinqaban. Kanaafuu, biyya alaa deemee dhibeesaa kanarraa fayyuuf qabeenyi hafeef akka hinjirre dubbateera.

Artistiin kun galii hojii aartiirraa argatuun maatii kan jiraachisuufi kiraa manaas kaffalu ta'us waggaa lamaa as garuu dhibeen kun hojiisaarratti waan dhiibbaa guddaa uumeef dhibeesaa cinatti haalli jireenyaa dhukkubbii mataa ittita'uu ibseera.

Akkuma, “Loomiin tokko nama tokkoof ba'aa nama shantamaaf urgaa” jedhamu sana ummatni Oromoo goleewwan mara jiru osoo qarshii tokko tokko walitti qabee gootasaa kana salphumatti wal'aannachuu danda'a. Har'a qarshiin tokko nama tokkoof homaa miti. Garuu ummata bal'aarraa yoo walitti qabame seenaa dalaguu waan danda'uuf yoo xiqqaate qarshii tokko nama kanaa gumaachuun barbaachisaadha.

Akkuma olitti eerame namni kun mana mataasaa osoo hintaane mana kiraa keessa jiraata; sanumayyuu Magaalaa Finfinnee kiraan manaa qaalii ta'etti. Guduunfaa qabu hunda waggaa lamaaf mana yaalaatti deddeebi'uun fixeera.

Tasammaan mataasaa qofa osoo hintaane nama maatii bulchuudha. Maatiinsaa hundi harkasaa kan eegan ta'uu nutis qaamaan manasaatti argamnee hubanneerra. Yaaddoon Artisti Tasamma dhibee itti hammaate qofa osoo hintaane maatii soorata guyyaafi baasii mana barumsaaf harkasaa eegus dabalata. Deeggarsi Oromummaa inni dhugaan rakkoo walxaxaa kana keessatti daran barbaachisa waan ta'eef gamanumaan itti yaaduun barbaachisaadha.

Gaazexaa Bariisaa dabalatee miidiyaalee hedduun Artistii Oromoof dhaabate kanaaf sagalee ta'uu hordofee dabtara herregaa baankii haati warraasaafi hiriyooteenisaa maqaasaatiin bananiratti ummatni Oromoo keessaafi alaa deeggarsa taasisaa jira. Hedduunis qaamaan manasaa deemuun waan qabuun deeggarraa jiru. Kunis hamileefi abdi



guddaa akka itti hore dubbateera.

Bu'aa ce'ii hojii aartii keessa jiru

Sirnoota darban keessatti akkuma sabaattuu ummatni Oromoo saba mirgisaa sarbame, eenyummaansaa dagatame, aadaafi afaansaa dhorkame ture. Kabaja Irreechaa baranaa irrattis, “Aadaa keenya haaromsa keenyaaf” kan jedhameef sababaaf malee akkasumaan miti. Waan Oromoo waanti moofa'ee, dagatameefi awwaalamee ture har'a haaromsa fedhan hedduun akka jiran yaadachiisuufi. Keessattuu, handhuura Oromiyaa, Finfinnee keessatti aadaan Oromoo dagatamuu qofa osoo hintaane Oromoon eenyummaasaatti hanga qaana'utti hojii bal'aan hojjetame har'a haaromuu akka qaban kan akeekuudha.

Artisti Tasammaanis haala jiruufi jireenyaa akkasumas hojii aartiisaan kan taajjabe kanuma ta'uu ibsa. Akka inni jedhutti, aartiin akka kiyooti takkaa keessa seennaan ba'uun rakkisaadha.

Sirnoota darban keessatti waa'ee aadaa, afaaniifi aartii Oromoo barsiisuun irra keessaan gaarii fakkaatee dubbatamus keessaan dhiibbaan artistoota Oromoorratti taasifamaa ture olaanaadha. Sirnoonni darban keessumaa artistoota Oromoo akka diinaatti ilaalaa turan. Waan hojii aartii Oromoo hojjetaniif qofa aarsaa hangafooni kaffalan hunda Artisti Tasammaanis kaffaleera.

Sirnoota darban keessa sababa ongeefi sababoota hinbeekamne birootiin maqaa qubannaa jedhuun saboonni hedduun Oromiyaa keessa bal'inaan qubsiifamaa turan. Saamichi lafaa sababa qubsiifamuu sanaan walqabatu salphaa hinturre. Rakkoo kana ummatni Oromoo ta'e angootni Oromoo akka hubataniif “Qilleensi gaariida...bishaansaa gaariida..hunduu haa dhufan” jechuun haalatti walaffeeraan lafa Oromoorratti adeemsifamaa ture hojii aartiitiin ibseera.

Diraamaa gabaabduun ergaa guddaa qabduufi bifa baacootiin dhiyaatte kun namoota hedduu biratti jaalatamtuu ta'uu bira darbee qabeenyaafi mirga ofiif falmachuu keessatti

gumaata mataasaa taphateera.

Haleellaan daangaa darbee yeroowwan garagaraa lammiilee Oromoorratti raawwatamaa tureefi aggaammiin lafa Oromoo weeraru taasifamaa tures raacitii yeroo sanaatiin waan walqabatu fakkaata. Diraamaa sana hordofee hoggansa olaanaa yeroosiin doorsisni hamaan isa mudateera. Oromootni taatee sana hinhubatne tokko tokkos, “Lafa keenyarratti orma affeertaa?” jechaanii akka isa qeeqaa turanis hubachiiseera.

Egereen aartiifi artistoota Oromoo maal ta'uu akka qabu

Akka Artisti Tasammaan jedhutti, yoo ciminaan irratti hojjetame egereen aartii Oromoo ifaadha. Aartiin Oromoo duubatti osoo hintaane fuuldurratti kan socho'uudha. Aartii Oromoo fuuldurratti tarkaanfachiisuun dirqama artistootaa, ummataafi hoggansa Oromooti.

Har'a Oromootu biyya bulchaa jira waan ta'eef akka kaleessaa miidhamuu artistootaafi aartii Oromootiin sababni dhiyeefamu hinjiru; yoo jiraates fudhatama hinqabu. Kana jechuun wanti hundi karaa dalgaati, rakkoon hinjiru jechuu osoo hintaane rakkoo kaleessaa wajjin walbira hinqabamu jechuudha. Innis deeggarsi barbaachisu taasifameefi yoo wal'aanamee haalli fayyaasaa sirate imala fuulduraa aartii Oromoo keessatti qoodasaa caalaatti ba'achuuf karoora bal'aa qaba.

Hanqinootni tokko tokko mul'atanis mootummaan aartii Oromoo guddisuuf tarkaanfiilee hedduu fudhataa jira. Kun mataansaayyuu artistoota Oromoo onnachiisuu bira darbee milkaa'inasaniif daandii walakkaa deemu kan agarsiisuudha.

Aartiin dhimma aadaa, afaaniifi eenyummaa waan ta'eef salphumaatti kan hojjetamuufi dhiifamu miti. Waamichi aartiin namaaf taasiftu kolfaafi gammachuu qofa osoo hintaane waan rakkoolees of keessaa qabuuf wantota dhufan hunda simachuuf murteessaan duukaa bu'uu gaafata. Aartiin waan nama dhuunfaa yookiin garee siyaasaa

tokkoo osoo hintaane waan falaasama jiruufi jireenya saba tokkoo ta'uun sirriitti hubatamuu qaba.

Artisti Tasammaan hojii aartii hanga ammaatti hojjeten fedhiifi dantaa saba bal'aa tajaajilaa ture. Quuqama, tokkummaa, gaddaafi gammachuu sabni Oromoo waloon qaburratti fuulleffatee hojjetaa ture. Yoo dhibeesarraa bayyanate karoorrisaa fuulduraas isuma kana. Artistoonni Oromoo waa'ee tokkummaa Oromooti cichanii hojjechuu qabu. Mootummaan naannichaas ta'e ummatni Oromoo artistoota Oromoo rogawwan maraan tumsuu qabu jedheera.

Weellisaa Sayyoo Dandanaa gamasaatiin akka jedhetti, Tasammaan nama waan Oromoofi Oromummaa dhaabuurratti yeroosaa dabarseedha. Tasammaan Artistii gameessa Oromoo qofa osoo hintaane tuuta diraamaa qophii Dhangaa jedhamuufi Televizhini Itoophiyaatiin darbaa ture hundeessan keessaas isa tokko.

Hojiisaatiinis nama kenna qabuufi artistoota lafaa dhufaniif fakkeenya gaarii ta'uudha. Aartiin hojii nama dhuunfaa osoo hintaane kan hawaasa bal'aa waan ta'eef Artistii deeggaruun dirqama hundaati. Waldaan Artistoota Oromoo dirqamasaa ba'achuun kan itti adeemu ta'a.

Artistoonni Oromoo waan aartii sabasaaniif dabarsanii of kennaniif mana, konkolaataafi qabeenyi biraa horachuu dadhabanii oggaa dhukkubsatan sadarkaa harka namaa eeggachuurr dhaqqabu. “Aartii Oromootiif kaan lubbuusaa kennee ani ammoo yeroofi ogummaa koon kennaan” ilaalcha Artistoota Oromoo hundaati. Kana keessatti ammoo of dagannaa guddaan waan uumamuuf waltumsuun barbaachisaadha jedha Weellisaa Sayyoon.

Oromoon lammiisaa deeggaruurraa duubatti akka hinjenne ofirratti arguus eeree; lakkoofsa herrega baankii seeraqabeessaafi kallattiin nama kana bira ga'urratti tumsuun barbaachisaa ta'uu dhaameera.

Waliigaltee seenaqabeessa...

seeraa seenaqabeessi falmii ijibbaachisaa waggoota 10 olii booda gara irra jireessa biyyoota yaa'aa Lagichaa gidduutti tibbana mallattaa'eera.

Gibxiifi Sudaan hanga sanadni kun mallattaa'utti hirmaannaa taasisaa turanis yaadni haqa dhabeessaafi loogiiin guutame dhiyeesan fudhatama dhabuusaan waltajjii dhiitanii ba'aniiru. Ministirri Bishaaniifi Inarjii Doktor Injinar Habtaamuu Ittafaa, seerri danqaafi loogiiin guutame kana duraa diigamee kan hunda qixa fayyadamaa taasisuufi haqa qabeessa ta'e kun mallattaa'usaatti ummata Itoophiyaan "Baga gammaddan" jedhaniiru.

Itoophiyaan guutuu Laga Abbayyaa bishaan %85 gumaachuu cinatti nageenyaafi misooma lagichaatiif sagantaa Ashaaraa Magariisaatiin biqiltuulee roobsa harkisan biliyoonaan lakkaa'aman dhaabaa jirti. Waliigalteen kun gumaata Itoophiyaa ilaalcha keessa kan galcheefi biyyoota yaa'aa lagichaa jidduutti fayyadamummaa haqaqabeessa kan mirkaneessudha. Biyyootni walqixxummaan gadaantummaa itti fakkaate gara iftoominaan qixa fayyadamuutti akka deebi'an Doktor Injinar Habtaamuun waamicha dhiyeessaniiru.

Hayyuun Saayinsii Siyaasaa Yuunivarsiitii Finfinnee Pirofesar Yaa'iqoob Arsaano gamasaaniin akka jedhanitti, waliigalteen kun scena qabeessa kan isa taasisu bu'aa ce'iiwaggaa 10nboodadhugoomuusaqofa osoo hintaane qajeeltoo fayyadamummaa haqa qabeessaa of keessatti hammateen

biyyoota yaa'aa lagichaa hedduu biratti fudhatama argachuusaati. Gibxiifi Sudaan waliigalticha mallatteessuu dhiisuusaanii hojiirra oolmaasaarratti dhiibbaan fidu hinjiru.

Itoophiyaan Laga Abbayyaa misoomsuuf seenaanis seeraanis mirga guutuu qabdi. Ta'us qajeeltoon Itoophiyaa fayyadamummaa haqaqabeessa hunda hammateedha. Ijaarsi hidhaa Laga Abbayyaa wayita gara xumuraatti dhufe kanatti akkasumas fayyadamummaa haqa qabeessi baayyootaan wayita fudhatama argate kanatti kan Gibxiifi Sudaan baasu dallansuu osoo hintaane yaada wayyabaaf bitamuu akka ta'e hayyuun kun himaniiru.

Itoophiyaan qabeenya uumaan kenneef karaa ollaashee hinhubneen misoomsaa turte, jirtis. Pirojektota kanneen akka Xaanaa Balas, Gibee, Omoofi Fincaa'aafaa akka fakkeenyaatti kaasuun ni danda'ama. Ammas taanaan Laga Abbayyaa karaa haqaqabeessaan mirga misoomsuu qabdutti fayyadamtee misoomsaa jirti. Kanatti mufatanii warri wixxirfatan yoo jiraate Itoophiyaan imala dheeraa booda duubatti deebi'uu waan hindandeenyeef falli isaan qaban gara mariitti deebi'uu qofa ta'uu ibsaniiru.

Miidiyaaleen addunyaa hedduunis waliigalteen taasifame kun waldhabbiifi waca barootaa kan goolabuufi fayyadamummaa haqaqabeessaafi obbolummaarratti hundaa'e kan mirkaneesse ta'uu yoo gabaasan, miidiyaaleen Gibxii garuu waliigalteen taasifame kun biyyasaaniif balaa guddaa ta'uu afarsaa jiru.

Itoophiyaatti seenessi...

walfakkaataafi walitti dhiyeenya qaban qabu. Gootummaas yoo fudhane sabootni kunneen lola Adawaarratti miira gootummaatiin waliin lolanii, waliin du'anii, waliin boolla tokkotti awwaalamani, waliin bilisoomaniiru. Kun seenessa waloo isa guddaa sabaafi sablammoota biyyattii walfakkeessudha.

Itoophiyaa keessatti seenaa osoo hintaane seenessi obbolummaan akka badu gochuun, baroota keessatti madda waldhabdee ta'uun akka biyyattiin kallattiilee hundaan miidhamtu taasisaa kan jiru ta'uu hayyootni turtii Gaazexaa Bariisaa waliin taasisaniin dubbataniiru.

Yuunivarsiitii Haramayaatti Qorataan Seenaa Doktor Mahaammad Hasan akka jedhanitti, seenaan uummatni tokko gama siyaasaan, dinagdeen, hawaasummaaniifi aadaan maal keessa akka darbe madda qabatamaarratti hundaa'uun kan barreeffamu yommuu ta'u, seenessi ammoo seenaarratti hundaa'uun kaayyoo barbaadameef, qaamolee barbaadaniif kallattii barbaadaniin yeroo barbaadaniitti waan himamuudha jedhan. Seenessi dhugaas sobas ta'uus ni danda'a, qaamni seenessa seenessu sun biyya ijaarufis ta'ee faallaa kanaatiif ittifayyadamuu danda'a.

Fakkeenyaaf Itoophiyaa keessatti Mootittiin Saabaa jedhamtu Israa'el deemtee mootii Israa'el Solomoonirraa ulfooftee mucaan isheen deesse Minilik tokkoffaan mootii ta'uuf dhalate, Itoophiyaa keessatti mootii ta'uu kan danda'u nama sanyii Solomoonirraa dhalateedha kan jedhu Seenessa malee Seenaa miti. Seenessi akkanaa seenessa qeenxeeedha malee seenessa waloo miti.

Seenessi biyyattiitti madda waldhabdee ta'aa jira jedhanii, rakkoo seenessa faana walqabatee biyyattii keessa jiru furuuf sirna barnootaa jijjiiruun dhalootni haaraan seenaa dhugaa barachuu qaba jedhaniiru.

Kanaan dura seenaan sirna barnootaa keessatti

hammatamee mana barumsa sadarkaa jalqabaa hanga yunivarsiititti kennamaa ture, seenaa moototaati malee seenaa uummata biyyattii miti. Barnoota seenaa kana keessatti seenaan dinagdee, seenaan hawaasummaafi seenaan aadaa hin hammatamne. Barnootni kun baay'inaan seenaa waraanaa, kan mootiin tokko mootii biraa achitti waraane ajjeese jedhurratti kan xiyyeeffateedha. Kanaaf, rakkinoota seenaa faana walqabatee biyyattiitti rakkoo hamaa uumaa jiru furuutu barbaachisa.

Yuunivarsiitii Finfinneetti Hayyuun Antiroopoolojiifi Aadaa Pirofesar Taaddasaa Bariisoo gamasaaniitiin akka jedhanitti, wantoonni uumamarraa hafan hundi aadaadha. Akkaataan hawaasni tokko itti mana ijaarratu aadaadha, aadaafi seenaan walitti hidhamiinsa guddaa qabu.

Itoophiyaa keessatti murni tokko akkaataan inni seenaa saba biraa itti seenessu waliin jireenya sabaafi sablammootaarratti hudhaa guddaa ta'aa jira. Kun kan ta'uuf walqixxummaatti amanuu dhaabuuraan kan ka'e sabni tokko biyyattii keessatti faayidaafi kabaja argachuun isaaf malu akka hinarganne gochuufi.

Sabaafi sablammootni hunduu seenaasaanii akka itti himatan waan qabaniif, seenaasaanii kana karaa saayinsaawaadhaan qorachuudhaan kaarikulamii barnootaa keessa galchuun dhalootni akka baratan gochuudhaan Seenaa akkasitti barraa'e kana lammiileen akka fudhatan taasisuudhaan seenaa waloo dagaagsuun biyya ijaaruun akka barbaachisu Pirofesar Taaddasaa dhaamaniiru.

Pirezidaantiin Mootummaa Rippablikii Fedaraalawaa Dimokraasii Itoophiyaa Taayyee Asqasillaasee gamasaaniitiin, biyya ijaaruuf mootummaan biyyattii seenessa walooratti xiyyeeffannoo addaatiin hojjechuuf akka karoorfate haasaasaanii tibbanaa keessatti eeruunsanii ni yaadatama

Oromiyaatti bara omishaa...

kanaan raawwatamaa turaniin milkaa'inniifi jijjiiramni guddaan mul'achuus himaniiru.

Wabii midhaan nyaataa mirkaneessuuf keessumaa omisha boqqolloofi mishingaarratti xiyyeeffatamee hojjetamaa ture. Bara darbe lafa heektaara miliyoona lama boqqolloodhaan, lafa heektaara miliyoona 1.4 ammoo mishingaadhaan uwwiffameera. Omishaaleen kunneen keessumaa wabii midhaan nyaataa naannawaa gammoojjii mirkaneessuu keessatti iddoo olaanaa kan qaban ta'uus dubbataniiru.

Midhaanota biyyoota alaati galan kan biyya keessaatiin bakka buusuuf omisha qamadii, ruuziifi garbuu biiraa irratti xiyyeeffatamee hojjetamaa turuu himanii, ganna darbe kana lafa heektaara miliyoona sadiifi kuma 165 omisha qamadiitiin uwwisuun danda'ameera. Ganna darbe kana garbuun biiraa lafa heektaara kuma 528 irratti misoomsuun danda'ameera. Garbuu biiraa biyya alaarraa galu omisha biyya keessaatiin erga bakka bu'ee waggoota lama kan lakkoofsise ta'uus eeraniiru.

Omishni ruuzii waggoota lamaan dura Oromiyaatti kan hinbeekamne ta'uu himanii, waggoota lamaa as garuu omisha ruuziif xiyyeeffannoon addaa kennamee hojjetamaa tureera. Bara darbe lafa heektaara miliyoona tokkoofi 918 ruuzii misoomsuun danda'ameera.

Bara omishaa 2016/17 omisha midhaan zayitiifis xiyyeeffannoo guddaadhaan

hojjetamaa turuu himanii, bara omishichaatti lafa heektaara kuma 603 atara gabbataan, lafa heektaara kuma 518 lawuziin, lafa heektaara kuma 180 omisha suufiin uwwisuun danda'ameera. Omishni lawuzii naannoo Oromiyaa bakka hundatti omishamuu danda'a. Omishni kun jiruufi jireenya hawaasaa jijjiiruufi wabii midhaan nyaataa mirkaneessuu keessatti gahee guddaa qaba. Omishni suufii ammoo fedhii zayitii biyya keessaa guutuu keessatti gahee guddaa kan qabu ta'uus eeraniiru.

Omishaalee alergiifis xiyyeeffannaa guddaan kennamee irratti hojjetamaa turuu kan himan Obbo Geetuun, bara omishichaatti lafa heektaara miliyoona tokkoofi kuma 81 boloqqeen, lafa heektaara kuma 500 salixiin, lafa heektaara kuma 312 ammoo maashoon uwwisuun danda'ameera.

Guddistuu callaa yeroon qonnaan bultootaaf dhiyeessuun omishaafi omishummaa qonnaa guddisuu keessatti iddoo guddaa kan qabu ta'uu himanii, bara darbe guddistuu callaa kuntaala miliyoona 8.7 dhiyeessuun kuntaala miliyoona 8.64 yeroon qonnaan bultoota biraan ga'uun danda'ameera. Qonnaan bultoonni kompostii raammoos bal'inaan qopheessanii akka fayyadaman ta'eera. Barri omishaa 2016/17 bara hojii qonnaatiin milkii gaariin itti argame, bara inisheetiivonni qonnaa karaa yaadameen itti milkaa'aniifi bara damee qonnaatiin jijjiiramoonni guguddaan itti mul'atan ta'uus eeraniiru.

Bara darbe loowwan miliyoona 1.6 ta'an tajaajila mala namaan kan diqaaloman ta'uu himanii, barana ammoo loowwan miliyoona 2.5 tajaajila kanaan diqaalomsuuf karoofamee hojjetamaa jira. Hojii hanga ammaatti raawwatameen loowwan kuma 657 ol tajaajila mala namaan diqaalomsuun danda'ameera.

Omisha dammaa guddisuufi qulqullinasaa mirkaneessuuf bara darbe gaagura ammayyaa miliyoona tokkoofi kuma 31 ta'u qonnaan bultootaaf dhiyeessuun danda'ameera. Barana ammoo gaagura ammayyaa miliyoona 1.5 ta'u qonnaan bultootaaf dhiyeessuuf karoofamee hojjetamaa kan jiru yoo ta'u, hanga ammaatti gaagurri ammayyaa kuma 300 ta'u qonnaan bultootaaf dhiyaateera.

Omishaafi omishummaa bunaa guddisuufi bara darbe biqiltuun bunaa biliyoona 2.51 ta'u qopheessuun lafa dhaabbiidhaaf qophaa'erra kan dhaabame ta'uu himanii, hojii omisha shaayis bara bal'inaa adeemsifamaa jira. Ganna darbe biqiltuun shaayii lafa heektaara kuma afur irra kan dhaabame yoo ta'u, barana ammoo lafa heektaara kuma 30 omisha shaayitiin uwwisuuf karoofamee hojjetamaa jira. Omisha muuziifi abukaadoorrattis hojii bal'aan hojjetamaa jira. Alergiin omisha abukaadoos haala gaariin ittifufeera.

Bara darbe hojii eegumsaafi kunuusa qabeenya uumamaatiin walqabatee ganna darbe biqiltuwwan biiliyoona 5.1 lafa heektaara miliyoona 3.1 irra dhaabamuus himaniiru.

“Sochiin paartiilee siyaasaa hafaniifi...

qaamolee dhimmichi ilaallatu waliin hariiroo cimaa uumuun hubannoo hawaasni marii biyyaaleessaarratti qabu gabbisuuf hojii bal'aa raawwateera. Hojiiin komishinichaa inni ijoon maricha qindeessuufi adeemsisuudha. Mariin biyyaaleessaa dhimma biyyaa waan ta'ee qooda fudhattoonni hedduun maricha keessatti qooda fudhachaa jiraachuus eeraniiru.

Adeemsa marii biyyaaleessaa milkeessuun haala biyyattiin keessa jirtu keessaa ba'uuf gargaara kan jedhan Obbo Xibabuun, adeemsa marichaa milkeessuuf komishinichis loogiirraa bilisa ta'ee hojjechaa jira. Dhaabbileen siyaasaa, dhaabbileen mootummaa, mitimootummaa, amantaa akkasumas waldaaleen gara garaa, hawaasni siivikiifi qoodafudhattoonni hedduun maricha milkeessuuf bal'inaan hirmaachaa jiraachuus eeraniiru.

Mariin biyyaaleessaa qaamolee hunda hirmaachisuu waan qabuuf sadarkaa aanaa irraa eegalee hawaasni, hayyoonni, hoggantoonni siyaasaa, diyaaspooraafi qaamoleen biroo akka irratti hirmaataniif hojiiin hirmaattota fo'achuu adeemsifameera. Naannoo Amaaraafi Tigraay irraa kan hafe hojiiin hirmaattota marichaa adda baasuu xumurameera. Yeroo ammaa mariin ajandaa walittiqabuu naannoleefi bulchiinsota magaalotaatti haala mlkaa'ina qabuun adeemsifamaa jira. Ajandaa marii walittiqabamaa jiru bocamee dhumarratti mariif kan dhiyaatu ta'uus himaniiru.

Mariin ajandaa walittiqabuu naannolee Gaambeellaa, Beenishaangul Gumuz, Hararii, Affaar, Itoophiyaa Giddugaleessaa, Somaaleefi bulchiinsota magaalaa Finfinneefi Dirre Dhawaatti kan adeemsifame ta'uu himanii, mariin ajandaa walittiqabuu kun naannolee hafanittis kan ittifufu ta'a. Marii ajandaa walittiqabuu Naannolee Oromiyaa, Kibbaafi Itoophiyaa Kibba Lixaatti adeemsisuuf qophiin duraa xumurameera. Torbanoota lamaan dhufan marichi Naannolee Kibbaafi Kibba Lixaa Itoophiyaatti adeemsifama. Marichi torban sadii booda ammoo Naannoo Oromiyaatti kan adeemsifamu ta'uu eeraniiru.

Akka Obbo Xibabuun jedhanitti, komishinichi haala Naannoo Amaaraafi Tigraay keessa jirurraa ka'uun hanga ammaatti naannolee lamaan keessatti hirmaattota marichaa adda baasuufi marii ajandaa walittiqabuu adeemsisuu hindandeenye. Haalli Tigraay keessa jiru hanga tokko sirrannaan komishinichi hojiiisaa naannicha keessatti kan ittifufu ta'uus dubbataniiru.

Komishinichi rakkoo nageenyaa naannoo Amaaraa keessa jirurraa ka'uun hojiiisaa naannichatti adeemsisuu kan hindandeenye ta'uu himanii, ta'us qaamolee deeggartootaa waliin ta'uun leenjii hubannoo gabbisuu kennuuf yaalii taasisera. Sochii kana aanaalee naannichaa hundatti adeemsisuun kan hindanda'amne ta'uus eeraniiru.

Komishinichi paartiileen siyaasaa hanga ammaatti maricharratti hinmaanneefi qaamolee hidhannoon socho'an gara marichaatti fiduuf akka dhufaniif xiyyeeffannaan hojjechaa jira kan jedhan Obbo Xibabuun, paartiileen qaamolee maricharratti hirmaachuu qaban keessaa adda durumaan eeraman keessaa isaan tokko waan ta'aniif gara marichaatti fiduun hojii cimee ittifufuu qabu ta'uu himu.

Paartiilee 10 hincaalle sababoota gara garaa tarreessuudhaan adeemsa maricharratti hirmaachaa kan hinjirre ta'uufi isaanis akka hirmaataniif sochii taasisaa jiru cimsee kan ittifufu ta'a jedhan. Dhimma kanarratti Mana Maree Waliinii Paartiilee Siyaasaa Itoophiyaa waliin hojjechuuf waliigalteerra ga'amuu himaniiru.

Komishinichi murnoonni seeraan ala hidhatanii socho'anis adeemsa maricharratti akka hirmaataniif qaamolee dhimmichi ilaallatu waliin qindoominaan hojjechaa jiraachuu himanii, komishinichi isaan simachuuf qophii ta'uu himaniiru.

Ulaa galaanaa argachuuf...

ulaa addunyaatti gadibaatu dhabuun akka nama miila dhukkubsatee manaa gadiba'uu dadhabeetti lakkaa'ama. Itoophiyaan yeroo tokko olaantummaa humna galaanaatiin beekamtu har'a harka marattee taa'uun waan hinmalle ta'uu Hayyootni Saayiinsii Siyaasaa Gaazeexaa Bariisaaf ibsaniiru.

Yuunivarsiitii Haramaayaatti Hayyuun Saayiinsii Siyaasaa Doktor Immiruu Gammachuu akka jedhanitti, Laga Abbayyaa olaantummaan fayyadamuuf Gibxi karoora waggaa 150 baafattee Itoophiyaa dadhabsiisuurratti hojjetaa turte, hojjetas jirti. Karoorrishee kallattiin Itoophiyaa weeraru of keessaa qabaatus waraana karaa kaabaa marsaawwan lamaan bantetti salphina gonfachuun booddee deebite. Waraana kallattiin Itoophiyaa injifachuun akka hindanda'amne hubatee waraana alkallattiirratti fuuleffachuu eegalte.

Haaluma kanaan riphee lolaa Somaaliyaa keessa socho'aa ture Alshabaab har'aa kan hintaane Itoophiyaarratti qaruun kallattiin meeshaa waraanaa gatiinsaani qaalii ta'e dhiyeessaa turushee yaadachiisani; kallattii kaabaatiinis Itoophiyaa ulaa galaanaa ala gochuuf bara 1960tti riphee lolaa Itoophiyaa waraanuufi dadhabsiisuu kan Waraana Adda Bilisummaa Eertiraa (Jabaha) jedhamu gammoojjii Eertiraarraa walittiqabdee hundeesuu ibsaniiru.

Barri sun bara mootii Hayilasillaasee yeroo gaaffiin eenyummaafi dhiibbaan mirga namoomaa finiinee ture waan ta'ee shirri Gibxi rakkoo keessoo Itoophiyaa kanaan gabbatee waggoota 30 booda Eertiraan Itoophiyaarraa foxxoquun Itoophiyaan ulaa galaanaa malee hafuu eeranii; mootummaan Dargiis ta'e 'TPLF' hanga tokko deeggarsa Gibxiin gara aangooti waan dhufaniif gaaffiin ulaa galaanaa dantaasaanii hinturre. 'TPLF' gara jalqabaatti Itoophiyaa bulchuurratti ofitti amanamummaa guutuu



waan hinqabneef giddugaleessa biyyaarraa qabeenya gara kaabaatti ol guurrachaa turuus yaadachiisaniiru.

Akka hayyuun kun jedhanitti, Gibxi akka bookee Itoophiyaa marsuun akka titiisaa takka Somaaliyaa, takka Sudaan, takka Eertiraa seenuun gochuma kaleessaatti jirti. Ta'us Itoophiyaan biyya dinagdee jabaa ijaaraa jirtuufi humna loltuu qabduunis salphaatti kan kabalamtu waan hintaaneef Gibxi qaawwa barbaaduurratti ko'oommatteetti.

Kun hubatamee walddhabdee keessoo dhiphisuu, qaala'iinsa jireenyaa maqsuu, Raayyaa Ittisaa jabeessuufi dippiloomaasii cimsuurratti kutannoon hojjetamuu qaba. Kanaa achi Itoophiyaan gama hundaanuu ulaawwan galaanaa lamaa sadii argachuuf carraa bal'aa qabdi.

Hariiroo Itoophiyaafi biyyoota Arabaarratti qorannoo taasisuun kan beekaman Pirofeesara Gargaaraa Adam Kaamil gamasaaniin akka jedhanitti, Itoophiyaan baroota dheeraaf mootii Galaana Diimaa jedhamtee beekamuun kan ishee aarse Gibxi Itoophiyaafi Galaana Diimaa adda baasuuf karaa fagoo imalteetti. Itoophiyaan duraanuu bishaan harka 86 ol gumaachuun waa'ee Abbayyaa harka marattee taa'aa waan turteef bara baraan dhuunfaashee godhachurratti ciniinnattee hojjetaa turte. Akkaataa laga



kana qofaashee fayyadamturratti qorannoo 1,500 adeemsisteetti. Kitaabilee 222 Itoophiyaa addunyaatti bulguu fakkeessan maxxansiteetti. Miidiyaaleen biyyattii 400fi gaazexeessitoonni 48 dhimma kana qofarratti xiyyeeffatani hammeenya Itoophiyaa Arabiffaan addunyaatti lallabaa jiru.

Gibxi bishaan qofa miti Laga Abbayyaarraa kan fedhan waggaa biyyoo gabbataa toonii miliyoona 10 argataniin investaroota addunyaa harkisaa jiraachuu himanii; Laga Abbayyaa dhuunfaatti fayyadamuuf lola kallattii bantetti salphattus maallaqa doolara biliyoonaan lakkaa'amu dhangalaastee Itoophiyaafi Galaana Diimaa adda baasuu cinatti Atsee Tewoodiroos ajjeesisuu keessatti milkaa'uushee yaadachiisaniiru.

Ulaan galaanaa har'aa Itoophiyaa dhimma ijoo ta'ee kan kaleessa shira Gibxiin Itoophiyaa harkaa ba'eedha. Itoophiyaaf yeroon dhufee har'a gaaffii ulaa galaanaa kaasuun boqqonnaa haaraa ta'uun ala cimtee hojjennaan ollootashuu hunda biraa argachuuf carraa bal'aa qabdi. Milkaa'inasaatiif hojii dippiloomaasiifi nageenya keessoorratti cimtee hojjechuu qabdi.

Walumaagalatti, hojii dippiloomaasii jabaafi dhimmoota keessoorratti bal'inaan hojjennaan Itoophiyaan ulaa galaana lamaafi sadii ol gonfachuuf carraan qabdu olaanaadha.



Tashoomaa Qadiidaatiin

Itoophiyaan waancaa kubbaa miilaa Afrikaa qopheessuuf gaaffii dhiheessite

Itoophiyaan biyyoota kubbaa miilaa Ardii Afrikaatti hundeesan keessaa takka taatus waggootan darban keessa guddina gama kanaan isheerraa eggamu galmeessuu hin dandeenye jechuudhaan pirezidaantiin federeeshinii kubbaa miilaa Itoophiyaa mul'isan.

Guddina kubbaa miilaa Itoophiyaa kanaaf gufuu kan ta'an keessaa inni guddaan iddoowwan oolmaa ispoortii, keessumaa rakkina istaadiyeemii ammayyaa ga'aa dhabuu akka ta'es pirezidaantiin Federeeshinii Kubbaa Miilaa Itoophiyaa Obbo Isaayyaas Jiraa ni mul'isu.

Rakkina yeroo dheeraadhaaf ture kanaaf furmaata kennuuf mootummaan Itoophiyaa bu'uraalee misoomaa babal'isaa jira jedhu.

Yaada Ministira Muummee Itoophiyaa Doktor Abiyi Ahmad dhiheessaniin,

Itoophiyaan waancaa kubbaa miilaa Afrikaa ALA bara 2029 qopheessuuf gaaffii dhiheessuudhaan irratti waliigaluuf ittifufaa jirtis jedhaniiru.

Ispoortii Itoophiyaa qabxii galmeessisu bira taree haala gaarii biyyatii agarsiisuuf mootummaafi abbootii qabeenyaa wajjin hojii qindaa'aa hojjechuuf yaaliin taasifamaa akka jirus tuqanii, keessumaa bara bajataa 2017 hojiiwwan dippilomaasii ispoortii cimsuutti dabalee hojiiwwan guguddoon hojjetamuus ibsaniiru.

Pirezidaantichi ittifufuudhaan Onkoloolessa 11 bara 2017 gaggeessitoota hojii biyyoota miseensota Konfedereeshinii Kubbaa Miilaa Afrikaa ("CAF")fi taphattoota beekamoo kubbaa miilaa Itoophiyaa durii jidduutti walmorkiin kubbaa miilaa adeemsifamuuf beellamni qabamuusaa

ibsaniiru.

Yaa'iin dimshaashaa Konfedereeshinii kubbaa miilaa Afrikaa Onkoloolessa 12 magaalaa Finfinneetti akka banamu kan mul'isan Obbo Isaayyaas, yaa'iiwwan kanneen fakkaatan wayita adeemsifaman walitti dhufeenya biyyootaa cimsu kan uumuufi galii biyya alaa argamsiisuudhaan shora olaanaa taphatas jedhaniiru.

Itoophiyaan waancaa kubbaa miilaa Afrikaa 2029 qopheessuuf gaafiin isheen dhiheessite kun deebii kan argatu yaa'ii dimshaashaa Morookoon bara dhufuuf keessummeessiturratti ta'uus himaniiru.

Miilkaa'ina kanaaf ammoo Itoophiyaan hojiiwwan ijaarsaafi haaromsa istaadiyeemii bal'inaan gaggeessaa jirti. Keessumaa Istaadiyeemiin Finfinnee, kan Aqaaqii dabalatee Baahirdaariifi, Hawaasaa haarreffamaa waan jiraniif



Obbo Isaayyaas Jiraa

qophii kanaaf ni dhaqqabu jedhaniiru.

Itoophiyaan shaampiyoonaa buunyaa biyyoolessaa, waancaa kubbaa miilaa dubartootaa Afrikaa, shaampiyoonaa teenisa miinjaalaa Afrikaa, shaampiyoonaa kubbaa harkaa biyyoolessaa Afrikaa qopheessuuseetti muuxannoo argameen waancaa kubbaa miilaa Afrikaa qopheessuuf ga'een isheen qabdu ga'aadha jedhaniiru.

Yaa'ii Konfedereeshinii Kubbaa Miilaa Afrikaaf qophiin xumurame

Konfedereeshinii Kubbaa Miilaa Afrikaa 'CAF' Amajjii 18 bara 1957 magaalaa guddoo Sudaan Kaartumitti hundeeffame. Miseensoonnisaa yeroosiis Sudaan, Itoophiyaa, Misiriifi Afrikaa Kibbaa turan.

Haata'u malee Afrikaan Kibbaa sababa sirna appaartaayidii gaggeessitufi taphattoota adii hiriisite jedhuun miseensummaa keessaa ari'ameetti.

Haaluma kanaan walmorkiin Waancaa Kubbaa Miilaa Afrikaa yeroo jalqabaaf baruma kana ALA Guraandhala 6 bara 1957 biyyootuma sadan kanneen jidduutti kan adeemsifame yoo ta'u, tapha maahessaatti Misir Sudaan mo'achuun waancaa Afrikaa isa jalqabaafi seena qabeessa fudhachuu dandeesseetti.

Walmorkiifi yaa'iin konfedereeshinichaa biyyoota sadi jidduutti eegale suuta suuta biyyoonni itti dabalamuudhaan wayita ammaa biyyoonni Afrikaa 54 miseensa ta'aniiru.

Konfedereeshinii kun erga hundeeffamee waggoota 67 kan lakkofsise yoo ta'u, waggootan kanneen keessatti yeroo 33f biyyoota miseensotasaa walmorkiiwwan kubbaa miilaa gaggeesseera. Akkasumas, yeroo 45f yaa'ii mana maree ispoortii gaggeessuun murteewwan adda addaa dabarseera.

Biyyoonni kunneen yeroo yeroon marii taasisuun guddina ispoortii kubbaa miilaaf carraaqaa turaniiru; ammas carraaqaa jiru.



Aade Shawwit Shaankaa

Mariin kun baranas yeroo 46ffaaf Onkoloolessa 12 bara 2017 magaalaa Finfinneetti qophiiwwan adda addaattiin akka adeemsifamu Ministeerri Aadaafi Ispoortii ibsa tibbana kanneen beeksiseera.

Ministirri ministeerichaa Aade Shawwit Shaankaa akka ibsanitti, yaa'ii kanarratti dhimmoonni adda addaa ispoortii irratti xiyyeeffatan akka irratti mari'amuufi walmorkiin kubbaa harkaa biyyoolessaa akka adeemsifamu dubbatu. Walmorkiin kun Itoophiyaatti adeemsifamuun isaas biyyoonni Afrikaa aadaa walii akka beekaniifi walitti dhufeenyasaanii cimsatan



Doktor Fitihi Waldasanbat

akkasumas dippilomaasii ispoortii cimsuuf akka gargaarus himaniiru.

Ministeerichis ispoorteessitootaafi keessummoota yaa'ichaarratti hirmaataniif bakkeewwan hawata turistiif Magaalaa Finfinnee daawwachiisuuf qophaa'uu Aade Shawwiit eeraniiru.

Yaa'icharratti keessummoonni 300 ol ta'an ni argamu jedhamee kan eegamu yoo ta'u, galii turizimi biyyaaf argamsiisuu keessatti shooraa olaanaa akka qabu ibsanii, sagantaan deemsa miilaa Addababa'ii Masqalaa hanga Booleetti taasisuus qabamuu himaniiru.

Pirezidaantiin Federeeshinii Kubbaa Harkaa Doktor Fitihi Waldasanbat gamasaaniitiin akka ibsanitti, walmorkiin kubbaa harkaa biyyoolessaa ramaddii lamatti adda qoodamuun Onkoloolessa 23 hanga 27 bara 2017 ni adeemsifama. Walmorkii kanarratti gareewwan kubbaa harkaa 12 biyyoota 11 irraa baba'an akka hirmaatanis eeraniiru.

Walmorkiin kan adeemsifamu Giddugala Leenjiifi Barumsa Ispoortii Araat Kiiloofi Akkaadaamii Ispoortii Dargaggootaa Itoophiyaatti ta'uu himanii, taphichis ramaddii lamaan akka adeemsifamu kaasu. Ramaddiin tokkoffaa beektoota umrii 20 olii Akkaadaamii Ispoortii Dargaggootaa Itoophiyaatti kan adeemsifamu yoo ta'u, kan umrii 18 gadii ammoo Giddugala Leenjiifi Barumsa Ispoortii Araat Kiilootti kan adeemsifamu ta'uu dubbatu.

Yaa'iicha dura gaggeessitoota hojii miseensota waldaa kubbaa miilaa biyyoota Afrikaa taphattoota beekamoo kubbaa miilaa duranii Itoophiyaa jidduutti taphni akka adeemsifamus ibsameera.

Pirezidaantiin Federeeshinii Kubbaa Miilaa Itoophiyaa Obbo Isaayyaas Jiraa akka ibsanitti, milkaa'ina yaa'ichaaf gareen koree teekinikii waajjira Ministira Muummeetiin durfamu dhaabachuun hojiiwwan adda addaa adeemsisaa jira. Kana keessattis manneen hojii ministeerootaa 10 hammatamaniiru.